# FAYYADAMA AFAANII FAARUU AMANTII KEESSATTI KITAABA “ORTODOKSI TAWAAHIDOO LAKKOOFSA 2[FFAA]”

**MAGARSAA GALAANOO NAGII**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA / FINFINNEE**

**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**AMAJJII 2014 /2021**

**FINFINNEE**

# Fayyadama Afaanii Faaruu Amantii Keessatti Kitaaba "Ortodoksi Tawaahidoo Lakkoofsa 2ffaa"

**Magarsaa Galaanoo Nagii**

**Gorsaa: Addunyaa Barkeessaa**

**Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Guuttachuuf muummee Afaan Oromoo,
OgBarruufi Fookilooriif Dhiyaate**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa / Finfinnee
Koolleejjii Namoomaa, Qo'annoo
Afaanii, Joornaaliizimiifi Qunnamtii
Muummee Afaan Oromoo, OgBarruufi Fookloorii**

**Amajjii 2014 /2021**
**Finfinnee**

# Yuunivarsiitii Addis Ababaa / Finfinnee

## Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruun guuttachuuf Magarsaa Galaanoo Nagii, Mataduree: fayyadama afaanii faaruu waaqaa kitaaba "ortodoksi tawaahidoo lakkoofsa 2ffaa" Keessatti Gama Fayyadama Afaanii jedhu irratti qophaa'ee sadarkaa ulaagaa Yuunivarsitiin kaa'ame guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa__________________________ Mallattoo__________Guyyaa ____________

Qoraa Keessaa _______________________ Mallattoo__________Guyyaa ____________

Gorsaa __________________________ Mallattoo__________Guyyaa ____________

____________________________________________________

**Itti gaafatamaa muummee yookaan Qindeessaa sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)**

## *Axeerara*

*Qorannoon kun Fayyadama Afaanii kitaaba faaruu kan Amantii “Ortodoksi Tawaahidoo lakkoofsa $2^{ffaa}$” irratti gaggeessame. Kaayyoon gooroo qorannichaas fayyadama Afaanii faaruu kitaaba amantii Ortodoksi Tawaahidoo Lakk. $2^{ffaa}$ keessaa xiinxaluudha. Faarichi Afaan Oromootiin barreefamuunsaa dagaagina hogbarruu afaanichaaf gumaacha qabaatullee hangan hubadhetti haala fayyadama afaanii irratti fuulleffatamee hojiin dalagame hinjiru. Kanumaan faarsaa amantii Manni Amantii Ortoodoksii “ kitaaba faaruu Ortodoksi Tawaahidoo lakkoofsa $2^{ffaa}$”, fayyadama Afaanii keessatti haala kamiin dhimmi itti bahame kan jedhu baruuf madda odeeffannoo tokkoffaa kitaaba* faaruu “ortodoksi tawaahidoo lakkoofsa $2^{ffaa}$” *iddattoo qorannichaa bifa kaayyootti yoo ta’u, faarsaawwan 302 keessaa faarsaan 20 mala iddatteessuu miti carraatiin foo’amaniiru. Meeshaa funaansa odeeffannoo sakkata’a dookimantiitti dhimmi bahameera. Faarsaa amantii kitaaba kana keesssa jiran mala akkamtaatti gargaaramuun saxaxa ibsaa fayyadamuun qaaccessuun kaa’amaniiru., unkaafi fayyadama afaanii as keessatti hammatame irratti hundaa’uun xiinxaalun ni danda’ama. Inni kun kallattii dagaaginafi guddina afaani Oromoo amma irratti argamu faana tarkaanfachuu waan ta’eef fuulleffannoo itti laachun murteessadha. Haala qindaa’inaafi fayyadama afaanii aadaafi dudhaahawaasichaahordofuun, walsimsiisuun ni hafa. Dabalataaniis waltina afaanif fulduratti kan naannolee biroollee itti ida’uun kallattii inni dagaagina afaanichaa cimsuu danda’un otoo walitti dabalamee mijataa ta’a.*

## *Galata*

Hunda duursee Waaqqayyo inni fayyaa naaf laatee haala mara keessatti na utubee as na qaqqabsiise haa ulfaatu.

Itti aansee, qorannoo kana milkeessuuf gargaarsa malu kan naaf taasisan gorsaa koo, Obbo Addunyaa Barkeessaa guddaa yaa ulfaatan.

Akkasumas, yeroo mara kaka'umsaa fi yeroo ishee naa laachuun akka ani qorannoo kana galmaan gahadhuuf gargaarsa bifa maraan kan naa taasisteef Haadha manaa too, Qonjiit Guutaa hedduun galateeffadha. Dabalataaniis, Maatii koofi obboloota koo haala ulfaataa keessatti yaadaanis ta'ee qarshiidhaan na gargaaraa turtan maraafuu galata guddaan isinii galcha.

Akkasumas, mana barumsaa Mukaxurri Sadarkaa lammaffaa qorannoo kana akkan fiixa baasuuf wayiitii hojii kanneen naa mijeessan maraaf galanni koo dachaadha.

Dabalataanis, namoota kitaabolee adda addaafi meeshaalee barreefamaa naa ergisuun na cinaa dhaabbatan galatoomaan jedha.

Dhumarrattis, namoonni galma gahiinsa qorannoo kanaaf gahee baatan martinuu galatoomaan jedha.

## *Gabaajee, Jibsoofi Kottoonfachiisa*

Gaaleewwan yookiin jechoonni armaan gadiitti tarreeffaman qorannoo kana keessatti iddoo adda addaa galanii jiru. Isaanis, qaama qorannoo kana fayyadametti gufuu akka hin taaneef hiikni isaanii naannoo qorannon kun adeemsifametti qabaniin laatamee jira.

Amantii: Haala hawaasni tokko Waaqatti bulu yookaan waaqqessu ilaallata.

Faaruu: Weedduu, galateeffannaa, jajannaa, kadhannaa ittiin Waaqayyo waliinwal argan.

Faaruu Amantii: Sagaleefi weedduudhaan bifa garaagaraatiin Waaqaaf kan dhiyaatu.

Hafuura qulqulluu: Hafuura nagaa kanibiddaan, gugeen, bishaaniin fakkeeffame hafuura Waaqayyoo aangoonis ta'e jabinaan kan Waaqaan qixxee.

Hafuura hamaa/seexanaa: Hafuura faallaa Waaqaa ta'ee, kan nama sobsiisu, kan faallaa hojii Waaqayyoo ta'e dha.

Jannata/Eeden: Iddo aaragaltii, nagaa, gammachuu jireenya akka amantichaatti du'a booda jiraatamu.

Mana kadhannaa: Iddoo kadhannaan itti adeemsifamu,ykn Waaqayyoof adda bahe.

Sabirii: Haalaan kan namatti tolu, kan nama gammachiisu (faaruun dhiyaatu) Sinoodoosii: Sirna Caasaa bulchiinsa Mana Kirstaana Ortoodoksi Tawaahidoo Itoophiyaa ittiin hoggantu.

Uumaa: Waaqa, gooftaa, rabbi, Waaqayyo, abbaa, uumaa hundumaa waan lafa kanarra jiru hundumaa bulchuu kan danda'u.

Uumama: Waan lafa kanarratti lubbuu qabuufi hin qabneWaaqaan hojjetaman.

## *Gabaajee*

| | |
|---|---|
| ALA | Akka Lakkoofsa Awurooppaa |
| ALH | Akka Lakkoofsa Habeshaa |
| MAOT | Mana Amantaa Ortoodookis Tawaahidoo |
| HQ | Hafuura Qulqulluu |

# Baafata *Fuula*


Axeerara ........ I
Galata ........ II
Gabaajee, Jibsoofi Kottoonfachiisa ........ III
Gabaajee ........ IV
BOQONNAA TOKKO ........ 1
1.SEENSA ........ 1
1.1. Seenduuba Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 3
1.3. Gaafilee Qorannichaa ........ 3
1.4. Kaayyoowwan Qorannichaa ........ 4
1.4.1. Kaayyoo gooroo qorannoo kanaa ........ 4
1.4.2. Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa ........ 4
1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 4
1.6. Daangaa Qorannichaa ........ 4
1.7. Hanqina Qorannichaa ........ 5
1.8. Qindoomina Qorannichaa ........ 5
` BOQONNAA LAMA ........ 6
2.SAKATTA'A BARRUU ........ 6
2.1. Seensaa ........ 6
2.1.1. Maalummaafi gosoota Amantaa ........ 6
2.1.2. Gosoota Amataa gurguddoo Adunyaa kanaa ........ 7
2.2. Faaruu ........ 8
2.2.1. Barbaachisummaa Faaruu ........ 8
2.2.2. Gosoota Faaruu ........ 9
2.2.3. Faaruu Amantii ........ 9
2.2.4. Fayyadama Afaanii Faaruu Keessatti ........ 11
2.3. Fayyadama Jechootaa ........ 13
2.4. Malleen Dubbii ........ 14
2.5. Yaaxxina Qorannicha ........ 17
2.6. Eenyummaafi Amantii ........ 18
2.7. Barruu Walfakkii ........ 19
BOQONNAA SADII ........ 21
3.SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA ........ 21
3.1. Seensa ........ 21
3.2. Saxaxa Qorannichaa ........ 21

3.3. Malleen qorannichaa ....21
3.3.1. Irraawwatama ....22
3.3.2. Madda Ragaalee ....22
3.3.3. Mala Iddattotaa ....22
3.3.4. Meeshaa funaansa odeeffannoo ....23
3.3.5. Mala Qaccessa Odeeffannoo ....23
BOQONNAA AFUR....25
4.DHIYEESSIFI QAACCESSA ODEEFFANNOO ....25
4.1. Seensa ....25
4.2. Fayyadama Afaaii Faaruu Waaqaa Keessattii Mul'atan ....25
4.2.1. Filannoo Jechootaa ....26
4.2.2. Malleen dubbii (Figurative speech) ....29
4.2.2.1. Akkasaafi Iddeessaa ....30
4.2.2.2. Nameessaa ....31
4.2.2.3. Arbeessaa....31
4.2.2.4. Fakkoommii....32
4.3. Fayyadama Afaan keessatti Qabiyyee Faaruu....34
4.3.1. Faaruu Ulfinaa ....35
4.3.2. Faaruu kadhataa....38
4.3.3. Faaruu Galataa....40
4.3.4. Faaruu Gaa'elaa....42
4.4. Ijaarsa Eenyummaa Amantootaa....43
4.4.1. Aadaa Gaa'elaa....44
4.4.2. Aadaa Kadhaa Waaqaa....45
BOQONNAA SHAN: ....46
5.CUNFAA, ARGANNOO FI YABOO ....46
5.1. Cuunfaa....46
5.2. Argannoo ....48
5.3. Yaboo Qorannichaa ....49
Wabiile ....50
Dabalewwan ....54

# BOQONNAA TOKKO

## 1. SEENSA

### 1.1. Seenduuba Qorannichaa

Seenaa dagaagina afaanii keesstti amantiin bakka olaanaa qaba. Akkuma kana, seenaa dagaagina amantii irratti dhiibbaa kan fide afaan akka ta'e Dorson (1972) ni addeessa. Afaanonni baay'een carraa barreeffamuufi olkaa'amuu kan carraan isaan ga'e barruulee amantiitiini. As dhufteen barreeffamaa dubbii katabanii ol kaa'uuf qofa osoo hin ta'in deeggarsa babal'na amantiifi duudhaa amantii ol kaa'uudhaaf akka tolfame amantaa jabaatu jira. Amantiin immoo akka Dorson (1972) jedhutti qaama humna jabaa qabu, kan hordoftoonni amantichaa amanataniidha.

Manneen amantii hundi dambii ittiin bulmaataa isaanii irratti hundaa'uun adeemsa waaqeffannaa isaanii afaannitti gargaaramuun adeemsiisu, Waaqa jajatu, barbaadu. Amantiin afaanitti gargaaramuun fala (mediated) laachudha. Bifa ittiin waaqayyoo wajjiin wal argan keessaa tokko faaruudha. Manni amantii Ortodookis Tawaahidoos yeroo dhiyoo asitti waa'ee uummataa adda addaa irratti dalagaa hedduu dalagaa jiraachuun ishee ni hubatama. Kanas afaan sabni hubachuu danda'uun tajaajila kan jalqabde yemmuu ta'u, amantii immoo adeemsa fayyadama afaanii mataasaa danda'e kan qabuudha. Akkaataan fayyadama afaanii dhimmi tokko furmaata akka argatuuf bakka olaanaa yemmuu qabaatu, beekumsa fayyadama afaanii kana dhabuun ammoo, waa'ee sana jal'isuu mala. Afaan akka feetedhaan kan itti gargaaramnu miti. Innis itti fayyadama of danda'e niqaba. Kanaaf, namni tokko waanta itti mul'ate akkasumas, waan beeku mara kan dabarfachuu danda'u afaanitti dhimma baheeti. Innis tajaajila maaliif akka oolu kan barbaachisu carraaqaniidha.

Oromoon dursa uumama ofii irra eegalee yeroo dheeraaf sirna aadaa ofii ittiin adeemsisuufi amantii isaa ittin ibsatu hubannoo adda dhuunfaa isaa kan ta'e sirna waaqeffanaa kan qabuudha. Uumaa wantoota biroo kalaqe kana keessa ammoo galata, kadhata, jajannaa, aarsaa adda addaatu jiraata. Ta'iiwwan kun si'a raawwatamu bifa aadaafi haala amantichaatti ta'ee dudhaa afaanii baay'ee of keessa qaba. Faaruun akkaataa afaan itti gargaaraman keessaa tokko ta'ee bifa muuziqaa kan qabuufi yaada ofii keenya ittiin ibsachuuf itti gargaaraman. Isakana Finnegan (1970) wayita ibsitu, "Song can be used to report and comment on current affaries political propaganda and to refelect and mould public opinion" faaruu haaloota, yeroon walqabatee haala siyaasaa si'aa'na fi yaada uummataa ibsuuf kan gargaaruudha.

Saba gudda ta'ee gaanfa Afrikaa  qabatee kan jiraatuu Oromoo dha. Dhimma saba bal'aa kanaas beektonni adda addaa ibsuuf yaalaniiru. Dirribii D. (2012),  Oromoon saba bal'aa Itiyoophiyaa fi gaanfa Afrikaa keessatti jiraatu yoo ta'u, Afaan Oromoo baay'ina dubbattootan ardii Afrikaa keessa Afaan Arabaafi Afaan Hawusaatti aanee sadarkaa saddaffaarra jira. Haata'utti, carraan Afaan Oromoo gara barreeffamaafi meeshaalee sabqunnamtiin hojiirra oolmaaf qabaachaa ture, afaanichan kan walgitu miti. Sadarkaan hawwasichi irra ture,  akkasumas sadarkaan dagaaginaafi babal'ina afaanicha kan agarsiisudha. Haalli fayyadama afaanii, bifa adda addaa keessatti ta'a. Misgaanuu. G (2011) Ogafaan bifa seenessuutiin ykn hololootiin (sheekoo, durdurii, baacoo, afseenaa….) uunkaalee gaggabaabon kan agrgaman (hiibboo, mammaaksa …) fi haala afwalaloon (weedduu jaalalaa, weedduu hojii, geerarsa, mararoo, weedduu ateetee, sirba faaruu loonii, weedduu dhimmoota siyaasaa, weedduu huruursa mucaa, weedduuwwan gootummaa, weedduwwan seenaa, tapha ijoollee, weedduwwan amantii, weedduwwan ajjechaa, hiibboo al tokko tokko) fi K.K.F. argamuu danda'a.

Haala barreessaa kanaatti afoolli bifa hololoo, uunkaa gaggabaaboo fi afwalaloon dhiyaachuu mala. Xiyyeefannon qorannoo kanaas akkaataa dhiyaatina afwalaloo keessaa xiinxala kitaaba faaruu amantaa Ortoodoksi Tawaahidoo lakk 2$^{ffaa}$ keessaa gama fayyadama afaaniin ta'a.

## 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Qorannoon dhimma ka’uumsa taasifatee gaggeefamuu qaba. Ka’umsa qorannoon walqabatee, Addunyaan (2011: 53-54) gidduutti, “ ka’uumsi qorannoo tokko dhugaa hawwaasaa keessatti ykn waa’ee hawwaasicha dhimma barreeffameerratti mul’atu; dhimmicharratti kennuufi k.k.f ta’uu danda’a.” akka yaada beekaa kanaatti qorannaan bifa rakkoo furuu ykn hundeessuufi kan dura ture gabbisuun haala hubannoo hawwaasaaf mijatu ka’uumsa gochuun adeemsifama danda’a. Qorataan qorannoo kanaas hubannaan hawwaasaa keessa jiru gabbisuun beekumsa hawaasni dhimmicharratti qabu babalisuutti kan fuullefatuudha. Akkasumas, mana amantaa sana deemuun sirna faaruu kanarratti argamuun haalli miira namaa kakaasuu faarichaa yoon hubadhu akka faaruu afaan biraatiin qophaa’ee fayyadamanii, kan afaan Oromootiin qophaa’en walbira yoo qabnu hangas mara miti. Walaloowwan gama aadaas haata’uu uumun barreeffaman baay’een isaanii dhimma fayyadama afaanii dabarsuuf oolan iratti xiyyeefachuu qaba.

## 1.3. Gaafilee Qorannichaa

**Qorannoon kun gaafilee armaan gadii deebisa**

1. Fayyadama Afaanii faaruu Waaqaa kitaaba Amantii Ortodoksi Tawaahidoo lakkoofsa 2ffaa keessatti akkamiin dhimma itti bahame?
2. Fayyadama Afaanii faaruu Waaqaa kitaaba Amantii Ortodoksi Tawaahidoo lakkoofsa 2ffaa keessatii qabiyyee akkamiitu dhiyaatee?
3. Fayyadamni Afaanii faaruu Ortodoksi Tawaahidoo akkamiin eenyummaa amantichaafi amantootaa ijaaraa?

## 1.4. Kaayyoowwan Qorannichaa

### 1.4.1. Kaayyoo gooroo qorannoo kanaa

- ✓ Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa faaruu amantii Ortodoksi Tawaahidoo keessatti xinxaalun ibsuudha.

### 1.4.2. Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa

- ✓ Fayyadama Afaanii faaruu kitaaba Amantii Ortodoksi Tawaahidoo keessatti argaman maal faa akka ta'an ibsuu,
- ✓ Qabiyyee faaruu kitaaba amantii Ortodoksi Tawaahidoo keessatti argaman tarreessu
- ✓ Fayyadama Afaanii faaruu kitaaba Amantii Ortodoksi Tawaahidoo akkamitti eenyummaa amantichaafi amantootaa calaqisu ibsuu.

## 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoo bakka fayyadaman, qorannoo adeemsifamee eenyu akka ta'e addeessudha. Barbaachisummmaa qorannoon walqabatee Addunyaa. (2011: 55) irratti " barbaachisummaan qorannoo tokko barbaachisumaa mata duree qorannichi irratti gaggeefameefi qabatamummaa odeeffannoo bu'uura qorannichaa ta'e irratti hundaa'aa jechuun ibse. Haala ibsa kanaatti, matadureen irratti adeemsifamuufi odeeffannoon bu'uura qorannichaa ta'ee baarbaachisummaa qorannoo murteessuu keessatti qooda bal'aa qabu. Bu'aan/argannoon boqonnaa shan jalatti eeraman, namoota garee garagaraatiif bu'aa baay'ee kennuu danda'a.

Mataduree kanarratti qaamolee qorannoo adeemsisuu fedhaniif akka madda odeeffannoo lammaffaatti gargaaruun, bifa salphaan kitaabilee wabii akka argataniif haala mijeessa. Hawwasni magaala Mukaxurrii haala fayyadama afaanii faarsa keessatti hubannoo qaban babalifataniif haala mijeessa.

## 1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Waacaalee Magaala Mukaxurrii kitaaba faarfannaa "Faaruu Ortoodooksi Tawaahidoo" irratti kan

adeemsifame yoo ta’u, qorannichis gosa faaruu keessaa qabiyyee, unkaafi fayyadama afaanii faarfannaa amantii Waaqaa xiinxaaluufi ibsuu irratti kan daangeffamedha. Sababni isaas, gosoota faaruu irratti si’a tokkoon qorachuun waan ulfaatuuf daanga’e. Dabalataaniis, osoo gosa faaruu jiru mara xiixaaluu irratti dalagamee, qorannicha irra caalaa bu’a qabeessa gochuu akka danda’u ni beekama. Kun ta’ee, qorannoon kun kitaaba faarfannaa “Faaruu Ortoodooksi Tawaahidoo” warra waldaa Ortoodooksi Tawaahidoof kan qophaa’ee ammaa tajaajila irra kan jiru qofaa irratti kan daangeffamudha.

## 1.7. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko wayita adeemsifamu hanqinni garaagaraa mudachuun isa hin hafu. Bifuma kanaan, qorannoon kun adeemsifamu dhimmoonni adda addaa qorataa qunnaman jiru. Isaanis, tokkoffaa, Haalli manni Amantitti irra jirtu qilleensa alaan waldhahuu, lammaffaa yeroo qorannichi adeemsifamu wayitii hojii idileen waan walqabatuuf akka asiif achi socho’uun gaggeessuuf rakkoo guddaa ture. Baajata yeroon argachuu dhabuun, haa ta’uutti garuu hojii kana galmaan gahuuf toftaa yeroo waliin deemu gargaarameera.

## 1.8. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodamee kan qindeeffame. Boqonnaan duraa Seenduuba yommuu ta’u, ka’umsa, kaayyoowwan, barbaachisummaa, daangaafi hanqina qorannichaa kan of keessatti qabatuudha. Dhimma boqonnaa tokko jalatti tuqame waliin waliqabatee barruun sanaan wal fakkaatan boqonnaa lama jalatti kan ilaalamaniidha. Akkasumas, boqonnaan sadi malleen qorannon sun ittiin adeemsifame yoo tahu boqonnaan arfaffaan immoo  odeeffannoo hiikuufi xixaaluu irratti xiyyeeffata. Dhumarratti, Boqonnaan shanaffaan immoo cuunfaa, argannoofi yaboo qorannichaa duraa duuban mijeeffamanii dhiyaatan.

# BOQONNAA LAMA

# 2. SAKATTA'A BARRUU

## 2.1. Seensaa

Boqonnaan kun, barruulewwan dhimma qorannoo kanaa gabbisan ida'atee qorannoowwan dhihaatan armaan dura dalagaman of jalatti dabala. Bifuma kanaan boqonnaa kana jalatti: Amantaafi amantoota, gosoota amantaa, amantaafi waaqqeffannaa, faaruu amantaa, maalummaa faaruu kitaaba qul'qulluu keessatti, bu'aa faaruu, yeedaloo/qooqa walaloo faarsaa, kennaa faaruu, dhaamsa faaruu, yadrimee fayyadama afaanii, fayyadama jechootaa faaruu keessatti, malleen dubbiifi yaaxxina qoranichaa kan of keessatti hammatee jira. Akkasumas, Amantaafi amantoota wayita jennu, wanta waliigalaan namoonni amantaaf (bultiif) yaada kana amanan saniif uumamaa ol ta'uu isaa agarsiisaniidha.

### 2.1.1. Maalummaafi gosoota Amantaa

Amantaan wanta waliigalaan namoonni amananiif (bulaniif) yaada kana amanan saniif Uumamaa ol ta'uu isaa agarsiisa. Innis, labataa labatatti isa ce'uudha. Amantaan bu'uureeffamuu kan danda'u bifa lamaan ta'uu mala.

Tokkoffaa Amantaa Qindaa'aa (Organized religion) gosni amantaa kun amantaa barnoota booda (post- literate) bifa horate yeroo ta'u, wantoota amanaman hiika isaanii teechisuu isaa addeessuudha. Ragaaleen barreeffamaa waa'ee amantaa sani ibsanifi namoota gadi fageenyaan dhimma amantaa sanii barsiisan qaba.

Lammaffaa Amantaa Aadaa (Folk religion) gosni amantaa kun kan hundeeffame irra caalaa dursa barnootatti (pre-literate) jedhama. Amantaan kun yaada sodaa waan tokko yoon raawwadhe waa namuudachuu danda'a jedhu irraa kan ijaarame (Vexen, 2016). Bifuma kanaan Amantaa jajjaboo addunyaa kanarra jiranis haala armaan gadiitti.

### 2.1.2. Gosoota Amataa gurguddoo Adunyaa kanaa

**Amantaa Hinduuzimii (Hinduisim)**: Amantaan kun aadaa kibba Eeshiyaa keessatti jiru yemmu ta'u, waaqolii hedduun jiraachuu kan amanuufi, wanti du'e tokko bifa biraatin deebi'ee dhalachuu danda'a ilaalcha jedhu ofkeessaa qaba.

**Amantaa Budiizimii (Buddhism):** Waaqa yookiin waaqolii kamuu hin waaqqessan. Jiraachuu waaqaas hin amanan. Duuka buutonni Budizimii namni marsaa deddeebi'ee dhalachuufi du'uu keessa darba jedhu.

**Amantaa Islaamaa (Islam):** Hordoftoonni Amantichaa waaqa hundumaa danda'u tokkicha "Allah" jedhutti amanu. Allah Uumaa Addunyaafi samii, madda waanuma hundaati yaada jechuun amanu.

**Amantaa Dhaloota Haaraa (New age):** Hordoftoonni Amantaa kanaa kan adeemsiisan namni ofii isaatiin humna guddaa kan of keessaa qabuufi ofuma isaayyuu waaqa ta'uu barsiisuudha.

**Amantaa Kiristaanaa (Christianity):** Amantaan kiristaanaa (chiristanity) damee gurguddaa sadii kan qabu yoo ta'u, isaanis: Kaatolikii, Ortoodooksiifi Pirootestaantii dha. Amantaan kiristaanaa waaqa hundaa danda'u jaalala dhala namaaf qabu, maalummaasaa gama Iyyasuus Kiristoosin ofii isaa kan mul'isedha jedhamee amanama. Marilyn Adamson (2015), Amantiifi Waaqqeffannaa, Waaqeffannaa jechi jedhu maqaa Waaqa jedhu irraa kan madde yommuu ta'u jecha lamaan kan walqabatan ta'uu isaanii mul'isa (Debebe, 2007:6).Waaqeffannaan kan adeemsifamu Amantootaan yemmuu ta'u kan adeemsifamufamis ammoo Waaqaafi Waldaalee Amantaa kamuu keessatti waaqeffannaan ni adeemsifama. Waaqeffannaan kan waaqessamu saniif kabaja malu laachuudha. Inni nama dinqan Televizoona, Bilbila, Intarneetii, Faaksiifi k.k.f jiraatan illee, Amantoonni garuu caalmaan kan dinqisiifatan sammuun jara kanaa uumuu danda'e Waaqa ykn Uumaa akka ta'e kan hubatanii jedha (Debebe, 2007:6-7).

## 2.2. Faaruu

Gammachuu (2003: 8-9) wayita ibsu faaruun wantoota aadaa uummata tokkoo ibsan keessaa isa tokkoodha. Kunis, kan safara gabaabaa ofkeessatti qabatu ta'ee, faaruu garagaraa faarsuuf tajaajiluudha. (Oring, 1986: 153). Faaru walaloo gabaabaa ykn tuuta jechootaa weeddifamanii ijaarsa barreeffama ifaafi gabaabaa ta'een toora tooraan hiramu, yeedaloo kan of keessatti hammatu (Richard, 1992 :73).

Dabalataanis, idileetti yemmuu ilaalle faaruun ilaalcha garaagaraa ibsuuf gahee danuutiifi cabsata sagaleetiin kan dhiheeffamu ta'ee mararoo, komee, arrabsoo, jaalalafi k.k.f kan ibsuudha. Uummatni seenan isaa barreeffamaan turuu hiree dhabee tureef, kan akka uummata oromoof faayidaa hedduu argamsiisuun isaa salphaa miti. Safuu jechoota adda addaafi seenaa keessatti waa'ee itti baanu ofkeessatti hammatee dhaloota ittiaanutti ceesisaa dagaagina, afaanif baay'ee gumaacha (Wasane, 1984: 25).

### 2.2.1. Barbaachisummaa Faaruu

Uummanni oromoo faaruu gargaaramuun haala kaleessa keessa tures ta'ee isa amma keessa jiru baasee ibsata. Isa kana qofa osoo hin ta'in, haala badaa uumames ittiin ceepha'aa karaa walbuusu.

Waa'ee barbaachisummaa faaruun walqabatee Finnega (1970: 270) irratti "Song can be use to report and comment on current affaires, for political pressure, for propaganda and to refelect and mould public opinion." Bifa yaada kanaatti faaruun haala yeroo irratti yaada laachuf, haala siyaasaaf hawaasa miiresuuf akkasumas, yaada hawaasaa ibsuuf bakka rakkina qabutti fooyyessuuf fayyada. Hayyuun tun dabalataan bu'aa yoo ibsitu, "in different context, song can have the effect of intensifying functional differences or of encouraging national unity." Akka yaada kanaatti faaruus ta'ee weedduun haala adda addaa keessatti tokkummaa biyya tokkoo tiksuufi cimsuuf qooda guddaa qaba.

### 2.2.2. Gosoota Faaruu

Faaruu dhaamsa ykn waan irratti dhiyaachuuf yaadamerratti hundaa'uun gargar caccabsuun ni danda'ama. Isa kanaaf, ragaa kan bahan Shawaayyeefi Fireehiwoot (1999:320) irratti gosoota "faaruu loonii, faaruu fardaa, faaruu abbaa, faaruu midhaanii, faaruu adamoo, faaruu ateetee, faaruu weechoo, faaruu hofcoo, faaruu boo'ichaa, faaruu uruursa daa'immanii, faaruu oogdiifi faaruu amantii," jechuun gosoota faaruu tarreessanii jiru. Dhaamsarratti hirkatee dame adda addaa qabachuun nibeekama. Faaruun amantaas akkuma ibsame, barbaachisumma isaa hawaasummaa keessatti faayidaa guddaa qabaachuun ni hubatama.

### 2.2.3. Faaruu Amantii

Wanti Waaqn nama uumeef galata akka isaaf galchaniifi kabaja (ulfina) isaaf akka hojjetaniidha (Isa.6:1-4). Meeshaan galateeffannaaf oolu keessa tokko faarfannaadha. Guddina maqaa isaa jajannaaf waa hunda danda'uu, fayyisuusaa fi itti dhugaa bahuu gama amantiitti wal jajjabeessan faarfannaadha. Macaafa Qulqulluu kakuu Moofaa keessatti faaruun boqonnaa 150 qabu kan maqaa Daawwitiin mooggaasame yemmuu ta'u, kadhata, faarfannaa, barsiisafi walaloo of keessatti kan hammateedha. Macaafa Qulqulluu Kakuu Haaraa keessatti faaruun guyyaa Iyyasuus Kirisotoos dhalate yeroon isaa halkan walakkaa ture. Tiksoonni tokko immoo naannoo sanatti bakkeetti halkan dabareen ka'anii, hoolota isanii ni eegu turan (Luq.2:8-14). Kanaaf, faaruu Waaqa ittin faarsan akka jalqabe ni hubatama.

Bifuma kanaan faarsaan lafarrattis haalaafi waa'ee adda addaa irratti ni faarfatama. Waa'een kun immoo akka hayyoonni gara garaa kaasanitti faaruu iddoo lamatti hiruun ilaalu. Kuneeniis: faaruu aadaa fi faaruu amantii jedhamuun beekamu. Inni faaruu amantii jedhamu oggummaa faarsaa qo'atanii, walaloo qophaa'een meeshaalee muuziqaa ammayyaa yookaan jabanaa waliin qindeeffamee bifa barreeffamaan kan dhiyeeffamu ta'ee; qabiyyeen isaa dhimma amantii saniin kan barreeffamu.

Faaruun amantii faarfannaa sagalee Waaqaa yeedaloofi walaloo walitti dabalanii, muuziqaa malee yookaan muuziqaa wajjiin sagalee dhageessisanii, qooqa adda addaatiin faarfachuudhaan, bifa waliifi dhuunfaa ta'uun kan Waaqayyoon jaalatanii isa galateeffataniifi ittiin isa kadhataniidha. Galmeen jechootaa Hamiid (1996) faaruu yoo hiiku: wallee, sirba, weedduu, faarsaa / faarfannaa, manzumaa, geerarsa, shoobdoo, mirriysa, darasaa, dhaadannaa jechuun yoo ibsu, Galmeen Jechootaa Afaan Oromoo Hamiid (1996) faarsaa yoo ibsu "sirba gaariisaa kaasanii sirbuu, daboon loon faarsuu, gochaa gaariidhaan maqaa namaa, Waaqaa kaasuu, sagalee galataa, mararfachuu" akka ta'etti ibsa. Haala walfakkaatuun Warquun, (1993: 63) faaruu gabaabinaan yemmuu ibsu, mararfachuu yookaan jajachuu akka ta'etti ibsa. Ilaalcha Warquufi Kaawwan kana irraa ka'uun Fenigan (1976:167) Walaloon Faaruu Amantii biyya Afriikaa keessa kan guutee jiru ta'uu isaafi isaan kun marti haalaa dhiyeessa isaaniitiin, qabiyyee isaaniitiinfi gochaa isaaniitiin gargar akka ta'an ni ibsiti. Faaruu Amantii Waldaa Warra Ortoodoksi Tawaahidoos garee kanatti kan ramadamu ta'a. Faaruun hedduun kan amantii ta'uu isaa wanti ittiin beekamu ulaagan yookiin akkaataan ittiin hubatamu jiraachuu isaa ni ibsiti.

*There are three main ways in which poetry can be regarded as being religious. Firstly, the content may be religious, as inverse about mythical actions of God or direct religious instructions or invovations- secondly, the poetry may be recited by those who are regarded as a religious specialists. Thirdly, it may be performed on occasions which are generally agreed to be religious ones (Fenigan 1976:167-168)*

Haaluma yaada armaan oliirra hubatamu Walaloon faaruu tokko amantii mul'isa jechuuf, haala beekamoo sadiitu jiru. Jalqaba qabiyyeensaa amantii gochaa waaqan ibsu yookiin kallattumaan dhimma amantichaa kan barsiisufi labsuu yemmuu ta'e, lammeessoo beektotni yookiin faarfattootn amantaatiin isa faarfatamuufi kan sammuutti qabatamee jedhamu yemmuu ta'u, sadessoo faarichi wayita dhiyyeessamu yookiin faarfatamu walumagalatti qabaatti mudannoofi ayyaaneffannaalee adda addaa irratti ta'uu mala. Kanaafuu, faaruun tookko kan amantii ta'uu isaa ergaafi qabiyyeesaa irratti xiyyeeffachuun ilaaluun ni barbaachisa.

Faaruun kennaa bilisaan otuu gatii itti hin baasiin, Waaqayyo waldaa kiristiyaanaa Yookii saba isaa ittiin hafuuratti guddisuufi cimsuudhaaf kennaa inni kennu keessaa isa tokko (Kitaaba Qulqulluu kakuu haaraafi Moofaa). Daawwitis (1Sen.25:1-3) waa'ee faarfannaa yaada walfakkaataa "…namoota kiraaraan, maaseenqoodhaafi sibiila walitti rukutamee sagalee guddaa dhageessisuun gargaaramanii wanta Waaqayyo isaanitti mul'isu faarfannaadhaan dhageessisan fo'ee addaan isaan baase …" jedha.

Isa kanatti dabaluudhaan, Kitaaba qulqulluu keessaatti waa'ee kennaa hafuuraa Phaawuloos dubbatu keessaa (1Qor.14:26) akka ibsutti "Yaa obboloota koo, yeroo walitti qabamtanitti isin keessaa tokko faarfataa, tokko barsiisa, tokko mul'ata qaba… wanti isaan qaban kun hundinuu waldaa kiristiyaanaa cimsuuf haa ta'an" jedha. haala ilaalchota kanaatti faarfannaan dhaamsa ifaa Waaqayyoorraa namaaf laatamuudha. Qabiyyeensaa maalfaarratti fuuleffachuu akka malus kitaaba faaruu kana keessaa yemmuu hubannu, Waaqayyoon galateeffachuufi jajachuudhaan kan guutudha. Kanaaf, faaruun amantii Waaqayyoof ulfina kennuu, hojii fayyinaa inni raawwateef isa galateeffachuu, aangoofi guddummaa isaaf isa kabajuun, jajachuu; araara isaa agarsiisuudha.

#### 2.2.4. Fayyadama Afaanii Faaruu Keessatti

Maalummaan fayyadama afaanii akkaataafi iddoo kamitti hawaasni akka itti gargaaramuu qabu ibsa. Ayub (2008) akka Clark (1996) wabeeffatetti yemmuu addeessu "areas language use as places and situation where people do things with language…" jechuun maalummaa fayyadama afaanii maal akka ta'e ibsa. bifuma kanaan kitaabni faaruu keessatti jechoota filatamoo garagaraa nijiru. Fayyadama afaanii keessatti, filannoon jechootaa bu'aansaa  hedduudha. Kanaaf, faaruu amantii keessattis hojiirra ni oola.

Akka Clark (1996) jedhutti, afaan kan qo'atamu akkaataa caasaafi itti fayyadamanidha. Caasaa afaanii yemmu jedhamu qaaccessa xinjechaa, xinsagaa, xinhikafi xinhimaa afaanichaati. Ta'us, fayyadama afaanii qo'achuun akka caasaa afaanii qo'achuu hin salphatu. Kunis, fayyadama afaanii qo'achuun xinqooqa qo'achuu waan ta'uufidha. Kana malees, qo'annoon fayyadama afaaniifi caasaa afaanii gargari. Kanaaf, qo'annoon fayyadama afaanii haala gara garaan hojiirra ooluu afaanichaa qorachuudha. Bifa kanaan,

Liulseged (1994), qo’annoo fayyadama afaanii ilaalchisee yemmuu ibsu, hawaasa afaan garagaraa dubbatan keessatti seera afaanichaa waliin qaban addabaasuu kan gaafatu. Seerichis akkaataa garagaraatti kan hundaa’u ta’uusaafi akkaatawwan kunis mataduree, naannoo, iddoo hojiifi kkf ta’uu mala jedha. Akkasumas, haala fayyadama afaanii ilaalchisee, Cooper (1976:184) yoo ibsutti “Fayyadama afaanii jechuun fuulleffannoo addaddummaa looga tokko yookaan afaan tokko keessatti, haala dubbiin caaslugaan yookaan jechaan uumamu yookaan adda garaagarummaa loogota yookaan afaanotaa gidduutti uumamudha”.

Dabalataaniis, qo’annoon fayyadama afaanii fuuleffannoo addaadummaa xinqooqaa garee murtaa’ee tokko keessatti jiru kan hubatu yookaan haala fayyadamaarratti gara biraatiin garee baay’eeratti argamu kan ilaalu akka ta’e beekuun nidanda’ama. Gama biraan, fayyadama afaanii jechuun tajaajila afaanni akkaataa garagaraa keessatti qabudha. Bifa kana Clark (1996) yemmu ibsu, fayyadamni afaanii dalagaa kamuu keessatti murteessuuf barbaachisaa ta’uusaa lafa kaa’a.

Kanaaf, dalagaan fayyadama afaaniirratti dalagamu, addaadummaa akkaataa hawaasummaafi xinqooqaa ibsuufi adda baasuurratti fuulleffachuu qaba. Isa kana jechuun, akkaataa itti fayyadama afaanii maraa garaagarummaa hawaasaa sababa afaaniin jiru kan qabateedha. Kana keessatti, addaddummaa kan jedhu namni dubatu sun gosa adda addaa afaanicha keessa jiru filchuun itti fayyadamu ta’uu isaati.

Isa kana, iddoo hawaasni tokko afaan gargaraa beekutti, afaan tokko dalagaa tokkoof afaan biroo immoo dalagaa gara biraaf fayyadamuu ni danda’u. Fayyadamni afaanii ibsituu hawaasaa ta’uu isaa, Coulmas (1997) Labov (1976) wabeeffachuun ibseera. Fayyadamni afaanii akkaataa sadarkaa hawaasaafi amala gosa hawaasaa ibsa. Bifuma kanan, Clark (1996) gama isaatiin, itti fayyadamni afaanii walitti dhufeenya hawaasa waliin qaban kan agarsiisu jechuun ibsaa. Fayyadamni afaanii, adeemsa hawaasaafi nama dhuunfaa kan dhuunfatuudha. Innis, yaadrimeen fayyadama afaanii haala hawaasaa kamiyyuu keessatti beekumsa gahaa afaanichaa qabaachuu bu’uureeffachuu qaba.

Bifuma walfakkaatuun, Wolff (2000) fayyadama afaanii akka gaariitti hubachuuf gaaffilee akka eenyuuf, yoom, maaliif, akkamitti, maaliin, eessatti kkf gaaffiwwan

xinqooqa hawaasaan walitti hidhatan kaasuun beekuun akka danda'amu ibsa. Fayyadama afaanii iddoofi yeroo murtaa'e tokkotti ragaa heddummina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman, bifa akkamii keessatti akka dubbataman ilaalchaafi amantii afaanicharratti namni sun qabu kan qabaatuudha.

## 2.3. Fayyadama Jechootaa

Jechoonni bifa qindoomina qabuun yemmuu ijaaraman, dubbisaa yookaan dhaggeefataa itti fayyadamuuf dhaamsa ifa ta'e dabarsuu danda'a. Faaruu amantii keessattis fayyadamni jechootaa akka gaarin qindaa'ee kan dhiyeeffamuudha ( Dababaa, 2007). Fayyadama jechoota faaruu keessatti argamanis qorataan bifa itti aanuun addeessaniiru.

**Filannoo fi qusannoo jechootaa:** faaruun haala walaloon kan dhiyeessamuufi jechoota filatamootti waan dhimma bahuuf jechoota muraasaan dhaamsa baay'ee dabarsa. Faaruun jechoota hedduu nama harkisaniin dhiyaata. Fedhasaan (2013:85) akka ibsutti "Walaloon gosa ogbarruu miidhagina sagalee, filannoo jechootaa, dhikkisa/yeedaloo hubatamaa, walqixxummaa safara birsagootaa, unata sagaleefi duraaduuba jechootaa/sagaleen beekamudha" jedha. Jechootaa kitaaba faaruu amantii Ortodoksi Tawaahidoo Lak. 2$^{ffaa}$ keessatti mul'atanis haala itti aanuun ilaalla. Barnoota afaanii keessatti filannoon jechootaa hedduu barbaachisaadha. Bifuma kanaan, faaruun immoo gosa ogwalaloo keessaa tokko ta'ee, barnoota Afaan Oromoo keessatti gahee olaanaa qaba.

Brumfitfi Carter (1996:78) "Biyyoota guddachaa jiran keessatti hogbarruun sirna barnootaa keessatti dabalamuun guddina afaanichaaf qooda guddaa qaba" jedhu. Qorannoo kana keessattis *jechoota logaa (dialect), filannoo jechootaa (diction), jechoota simboo, jechamoota (slang words), jechoota afaan biraa (word from other language), jechoota ogummaa (jargon words)* kan irratti fuulleeffataman ta'uudhaan faaruu kana keessatti baay'inaan eeramanii jiru. Filannoon jechootaa kanas jechoota hiika kallatii qaban (denotative meaning) fi jechoota hiika al kallattii qaban *(connotative meaning)* jedhamuun iddoo lamatti hiruun ni danda'ama. Dhaamsi faaruus, hiika kallattiifi alkallattii kan qabuufi yaada ergaansaa ariitiin hubatamuufi xiinxala guddaan ergaansaa kan baraman jechuudha.

Faaruun hiika dabalataafi *(associative meaning)* hiika bu'uuraa *(conceptual meaning)* akka addeessu, Lyons (1995) ibseera. Fayyadamni jechootaa faauu keessa jiru gama ifa ta'een dhaamsa barbaadame akkuma laatu, hiika ifa hintaanees niqabaata. Hiika dhokataa jechuun walitti dhufeenya jechi tokko wantoota yookaan taatee hawaasa waliin qabu akka agarsiisu Lyons (1995) ibseera. Isa kanarraa kan hubatamu faaruun jechoota aadaa/qooqa hawaasa keessa jiru gargaaramuun dhaamsa barbaade, haqa yookiin taatee jiruun addeessa jechuudha. Kanaaf, faaruun itti fayyadama jechootaa baay'een kan guutamedha.

**Irradeddeebii jechootaa:** Faaruu keessatti irra deddeebiin jechootaa baay'inaan mul'ata. Kun ammoo faarichaaf bareeddina kennuu keessatti, bakka gudda qaba. Kunis, kan mul'atu  sagalee, gaaleefi jechootaa walalichaa keessatti. Sagaleen irra deddeebiin argamuun, jechoonni gara dhuma walalicha irratti mul'atan irra deddeebi'amuufi gaaleen walaloo faarichaas irra deddeebii horachuun gurra dhaggeefataattii waan mijatuuf fudhatama horata. Akka Addunyaan, (2014:167) ibsutti "Irra deddeebiin dhamsagootaa (dubbachiiftuufi dubbifamaa), Irra deddeebiin jechootaafi caasaalee wal qoomanii, filannoo jechaafi kkf. Iddo olaanaa qabu jedha". Bifuma kanaan, irra deddeebiin jechootaa faaruu walaloo keessatti barbaachisaadha.

**Jechoota Simboo ulfina, Safuu, )**: jechoota simboo jechuun, jechoota haala naannoo isaanii lixxaan ibsan jechuudha (Geetaachoo, 2011). Faaruun amantiis aadaafi wantoota naannoo isaanii jiran bifa tolaan ibsu. Palmer, (1981:153) " Jechoonni hiika walfakkaachuu yookiin walfaallessuu qabaachuu nidanda'u" jedha.Yaaduma kana deeggaruun Geetaachoo (2011:57) yoo ibsu "…haala garagaraa irraan kan ka'e hawaasni tokko jechoota akkuma feeteen maqaa kan hin dhoofne, kan jechootaan bakka bu'uu hin dandeenye osoo hin taanee, safuu yookaan saalfii waan ta'aniifi" jechuun lafa kaa'a.

## 2.4. Malleen Dubbii

Namoonni waliigaltee yeroo adda addaa taasiisan keesstti wanta fedhan, yaadan, gadda, beekumsa, gammachuu, ilaalchafi kkf. walgeeddaruuf jecha afaan nifayyadamu. Afaanichis waa'ee dabarfachuu barbaadan kallattiinis ta'e al kallattiin akka dabarsan isaan gargaarama. Gama biraan ammoo walii galtee ariifachiisuuf jecha akkasumas, miidhagina haasawaa isaanii tolchuuf namoonni malleen garagaraa nifayyadamu. Tooftaa

kana keessaas malleen dubbii isa tokko dha. Yaada ofii bifa salphaan dhageeffataa/ dubbisaaf akka hubatamuu danda'uuf malleen dubbii barreeffamaatif dubbii afaanii keessatti ni gargaaramu.

Malleen dubbii dhaamsa tokkoof si'a'inummaafi ciminaa laata. Birhaanuu Maatiwoos (1999:82) "Malleen dubbii akka kaa'utti "Barreeffamaan ala (non literal) wanta tokko waan birootiin ibsuudha" jedha. Quunnamtii afaaniifi barreefamaa keessatti Malleen Dubbii bu'aa adda addaa qabaata. Isaanis: hiika iftoomsuuf, fakkeenya ifa ta'e laachuuf, tumsuuf, walitti dhufeenya dabaluuf, wanta lubbuu hin qabnetti lubbuu horuuf, bashannansiisuuf akkasumas, gammachiisuufi irra caalaa tajaajila miidhaginaa namootni ciminaafi gadifageenyaan akka yaadan godha.

Malleen dubbii sammuu dhaggeeffataa keessa deddeebi'uudhaan dhaamsi isaa bal'inaan akka hubatamu godha. Yaaduma kana deeggaruun Addunyaan (2014) "faaruun bifa walaloon dhiyaata; akka walalootti immoo qindoomina jechootaa, dubbii haalawaafi walsimannaa sagalootaatiin kuulamee dhiyaata. Isa kanarraa kan hubatamu faaruun bifa walalootiin kan dhiyaatu waan ta'eef amala kana agarsiisa. Malleen dubbii haqummaa yaada tokkoo kallattiin adda addaa irra waan hawaasa keessatti uumamu walitti hidhuun fakkii sammuu dubbisaa yookiin dhaggeeffataa keessatti kan agarsiisu yookaan olkaa'udha. Malleen dubbii fayyadama afaanii keessatti qooda guddaa qaba. Isa kana ilaalchisee, Addunyaan (2014:208) irratti yoo ibsu, "Malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta'een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsudha," jedha.Isa kanarraa kan baramu akkuma olitti ifoome, malleen dubbii faaruu keessatti kan faarfatamu dhaamsa dabarfachuu fedhan qaama barbaadamaa ta'etti akkaataa salphaa ta'een ceesisuudha. Gama biraatiin malleen dubbii waan lama wal bira qabuun yookaan isa tokko isa biraatiin mul'isuufi addeesuu akka ta'e beektonni tokko tokko ni ibsu.

Kennedy, (1987:128) "Malleen dubbii wayita waan tokko kallattiin dubbannu wanta biraas faallaan ibsuudha" jechuun yoo ibsu Birhaanuu Maatiwoos (1999:82)" Malleen dubbii dalgaa waan tokko waan biraatiin addeesuudha. Kunis walmorkii, walfakkii, namoomsuu, raajjeffannoofi kkf.qaba." jechuun ibsaniru. Kanarraa akkuma hubannutti waan lama walcinaa qabanii addeesuufi gosoota kunneen of keessaa akka qaban ni hubatama. Walumaa galatti, malleen dubbii kun maqaa garaagaraa yoo qabaataniis yaada

kalaqaa yookiin akkaataa namoota harksuun boca wantoota fuulleffannoo barbaadanii walcinaa qabanii ibsuun gama ifa ta'een sammuu namootaa keessatti fakkii bocu. Kun ammoo namni tokko wanta isa bira hinargamne haala salphaan akka baruuf isa fayyada. Fakkeenyi gosa malleen dubbii: Iddeessa, Akkasaa, Nameesaa, Fakkoommii, Arbeessaa, jedhamanii addeeffamaniiru.

Inni tokko **akkasaadha.** Akkasaan gaalee "hanga", "akka", "nigaha", "fakkaata", "nimorka" jedhanitti fayyadamee wantoota gargaraa lama walbira buusee ibsuun sammuu dhaggeeffataa yookiin dubbisaa keessatti fakkii, boca yookiin hubannoo hora. Haaluma kana faaruun amantiis malleen dubbii kanatti gargaaramee dhaamsa barbaadamu dabarsa. Addunyaan, (2014:208) "Akkasaan ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon wal bira qabuun dhiyeessuudhaan akka salphaatti hubatamu kan taasisudha," jedha. Itti dabaluudhaanis, Birhaanuu Maatiwoos (1999:82) " Walmorkiin wantoota lama kan adda adda ta'an jecha "akka" yookaan "waliin" jedhuun fayyadamuun wal morkisiisuudhaan ni mul'ata" jedha. Haaluma kanaan, yaada beektoota lamaanuu wayita hubannu akkasaa jechuun wantoota lama walcinaa buusanii wal morkisiisuu akka ta'e irraa nihubatama.

Inni biraa ammoo **iddeessa**. Iddeessi amala waanti tokko qabu gutummaan kaasuun wantoota biraatii uwwisuudha. Addunyaan (2014:210) " Iddeessi fayyadama afaanii karaa dhokataa ta'een wantoota waldorgomsiisa" jedha. Bifuma kanaan faaruu keessattis, wantoota hawaasa keessatti baramanitti fayyadamuun amala isa tokkoo isa biraaf laachuun karaa ifa hin ta'iniin waldorgomsiisuun teechisa. Wantoota adda addaaf kennuun kan dhiyaatudha.

Malleen dubbii inni biraan **nameessa**. Nameessaan amala namaa wantoota garagaraaf laachuun kan dhufuudha. Faaruun amantiis, akkaatuma kanaan malleen dubbii kanatti fayyadamnee, bineeladootaafi kan biraa bira qabuun wanta gaariifi hamaa adda baasanii akka hubataniif faaruun qabanii ibsu. Addunya (2014:211) "Wantoonni akka namaatti beela'anii akka quufan, deemanii akka galan, ijaaramanii akka diigaman kan taasisu fayyadama afaaniiti," jedha. Kanaa, fayyadama afaanii keessatti nameessaan amala namootaa, wantootaafi lubbu qabeeyyii biraaf kan laatuudha. Bifuma kanaan, faaruun amantii keessatti amalli fayyadama afaanii kun ni mul'ata.

**Arbeessii:** malleen dubbii keessaa isabiraati. Malleen dubbii kun waanta tokko ol baasuun yookiin gadi buusuun kan dhiyaatu yemmuu ta'u, faaruun amantiis akkuma kana akka malee waa ol kaasuufi gadi buusuun dhiyeeffatamu ta'ee guddummaa Waaqaa ittiin ibsatan, ulfaatina maqaa isaa ol qaban, waa mara danda'uu isaa ittiin addeessaniidha. Addunyaa (2014:214) "Waan tokko guddisanii hamma arbaa, xineessanii immoo hanga huubaa taasisuu jechuudha" jedha. Akkuma kanaan faaruu amantii keessatti jechootatti fayyadamanii wanti tokko akka malee ol baasuu yookiin xinneessuun waan wanti sun hin taane ukukubsanii dhiyeessuun ni jira.

**Fakkoommii:** Fakkoommiin mallattoonis haata'u jechaan waanti ibsamuuf ka'e tokko sirriitti akka baramuuf humna sammuu keessatti fakkii bocuu ni qaba. Haata'utii fakkoommiin akaa amantii kanaatti bineensotaan, ilbiisotaan, mukaan akkasumas umama lubbu maleyyii kanneenitti maa'ii bahuun walitti dhufeenya waaqaafi namaa dabalaataniis nama gidduu jiru faaruun amantoota ni jajjabeessu, barsiisu, ifatu, gorsu, akkasumas, amantiitti akka inni cimuuf ni daddamaqisu.

Waliigalaa, faaruu Waaqaa akkuma ogwalaloo afoolaa barreeffamaa qaama hogbarruu tokkootti wantoota sammuu dhala namaa keessatti uumun yaadolee garagaraa keessatti fakkaattii hawaasni gadi fageenyaan akka beekan gochuun dhaloota darberraa jalqabee hanga har'aatti gorsaa, barsiisaa, qajeelchaa, akeekkachiisaa, hubachiisaa tureera.

## 2.5. Yaaxxina Qorannicha

Adeemsa hogbarruun tokko ittiin hubatamuufi xiinxalamu yommuu ta'uu bu'aa hog barruu, walitti hidhata barreeffamichaafi barreesaa, dubbisaa, hawaasaa, seenaafi afaan ittiin barreeffamee kan agarsiisedha. Yaadni toora interneetiirraa bu'ees yaaduma kana wayita jajjabeessu,

*Theory is the process of understanding what the nature of literature is, what functions it has, what the relation of text is to aurthor, to reader, to language, to society, to history. It is not judgment but understanding of the frames of judgment Jedha.*

Yaaxinaaleen dalagaa hogbarruu tokko ittiin madaalamu baayyedha.Isaan keessaa kan qorannoon kun bu'uureffate yaaxina fayyadamaati. Kunneen gara oliitti barreeffaman

keessaa yaaxinni fayyadamaa yemmuu ta'u, yaaxxina hojiin hogbaruu ittiin madaalamu keessaa tokko ta'ee, jaarraa 20ffaa keessa hojiirra ooluu jalqabe.Kanaaf, qorannichis kan inni irratti bu'uureffame yaaxxina fayyadamaa ta'e.

Yaaxinni kun kan bu'uurreffame, hiika waanta tokkoo baruuf, dhaamsa yookaan tajaajila waan sanaa baruun barbaachisaa akka ta'edha.InniKun ammoo xiinxala fayyadama afaanii, afaan gabbisuuf hubannaa laachuu irratti qooda olaanaa qaba. Qooda fayyadamni afaanii jireenya ilma namaa keessatti taphatu, xiinxaluu keessatti giddu galli isaa yaaxxina fayyadamaafi hojiirra oolmaa sirnaan kan qo'atudha.*"Applied linguistic is concerned with the promoting ourunderstanding of' the role of language plays in human life. At its centers are theatrical investigations real world issues in which language plays leading role."Goldman Rakic (1998).* Jechoota adda addatti xinxaluun hiika dhabsiisuu waan danda'uuf ykn walii galtee hanqisuu waan danda'uuf iddoo tokkotti galumsa keessa buusun qaabachuudha.Itti dabalees,hiika gareewwan jechoota garagaraas yoo galumsaafi tajaajiala isaanii kan hinilaalle yoo ta'e hiika dhabuu nidandeenya.

## 2.6. Eenyummaafi Amantii

Hawwaasni tokko kallattii aadaa, muuxxannoo, falaasama, aartii, amantaa, afaan, uffanna, nyaataafi meeshaalee isaa labataa gara labataatti ittiin ceesisuudhaa. Hawaasa keessatti wantoonni akka meesaalee aadaatti fudhataman baay'een ni jraatu. Waa'ee wanta aadaa jalatti ilaalamuu mala kanas, beektonni afaanii bifa itti aanuun addeessuu yaalu.

Cultural semiontics is that subdiscipline of semiotics which has culture as its subject. According to Cassirer, it has two tasks; the first one is the study of cultures as sign systems with respect to what they contribute to the culture and second one is the study of cultures as sign systems with respect to the advantage which an individual experiences in belonging to specific culture. (Josef Wallmansbergr, 2004)

Yaadni asiin olii kun mallattooleen aadaa hawaasaa tokko keessatti karaa hawwaasichaa ibsuutin akka gargaaramaniifi aadaa haala kanaan qo'achuunis bu'aa akka qabu ni ibsa. Dabalataaniis, hawaasa jiruufi jireenyi isaanii aadaa bu'uureeffate keessatti maddi waa maraa meeshaalee aadaati.

Ogummaan kunis, miseensi maatii akkaataa amantaa, guyya ayyaanaa, oomishaa, ulfaa, dhalootaa, kittaannaa, cidhaa, du'aa ykn haalota biro wajjin walqabsiisuun kan hurruubamuudha. Akkasumas, raagamtaan eenyummaa ijaaruuf ni oola. Raagamaataan falaasamaan, aadaafi amantaa hawaasaa kan yeroo ykn baroota dheera dura hawaasa keessatti ta'an fuulleefachuun akka haqaatti fudhatamee bu'ura ykn sababoota raawwii ta'iinsichaa ittiin ibsamuudha. Haqummaansaa hawaasa keessatti ilaalchi amantiin kan fudhatamudha. Ragamtaan kun yaada waan shakkii qabu, waallummaafi kan amantaan irra dhiberratti yaada ka'uuf deebii laachuurraatti cimina kan qabuudha. Yaada kana Axel (1992:5) yeroo Bacom deeggaruun ibsu, "Myth ia a narrative that concerns super natural situation and those main character possesses superhuman abilities." Jechuun ibsa. Kan dhiyaatuus addunyaa dhugaaratti osoo hin taane Waaqarratti (addunyaa biroo) keessatti kan ta'an ittiin gaagama.

Durduriifi afseenaanis eenyummaafi amantaa walitti qabanii kan duukabu'aniifi ijaaranidha. Afseenan wanta yeroo ture ta'etu asdhihoo (less remote, when when the world was much as it is today) keessatti ta'eetu seenaffama. Durduriin immoo, wanta dhugaa mirkanaa'aa jiru kun ibsu otoo hintaane, kan akka dhugaatti hawwaasa keessatti amanamu ykn nama kalaqeef  haala asoosamaati. "folktales are prose narrative which are regarded as fiction." (Bacom, 1965).

## 2.7. Barruu Walfakkii

Qorannooleen adda addaa armaan dura gaggeeffaman sakkatta'amanii jiru. Hamma ammaatti kallattiidhaan mata duree kanarratti adeemsiffame hinjiru. Haata'u malee, qorannoowwan mataduree kana gargaran kan faaruu gargaraa irratti adeemsifame sakatta'amanii jiru.

Fayyisaa (1996) ammoo qorannoo "Historical Challenges in the Development of Oromo Language and some Agenda for Future Research" jedhu irratti adeemsiseera. Kaayyoonsaa hogbarruu Afaan Oromoo wayita kana sadarkaa maalirra jira kan jedhu baruufi dagaagina Afaan Oromoo gama fuula duraatti kallattii mul'isuu ture. Argannoosaa wayita ilaallu ammo og-barruu Afaan Oromoo umurii as dhiyoo keessatti kan jalqabeefi reefuu ijoollee akka ta'e ni hubatama.

Qaasiim Galatoo (2016) “Qaacessa qabiyyee weedduu aadaa fuudhaafi heeruma oromoo Arsii Shaalla” fuulleeffannoonsaas weedduwwan funaanun bu’aa isaanii xiixaluun dhiyeessa. Addaddummaan jiru qorannoosaa weedduu cidhaa funaanuun bu’aa isaanii irratti fuulleeffannaa malee waa’ee achi jalatti ka’an tokko tokkoon hin ilaalle.

Tafarii (2011) mata duree “Qaaccessa Ergaa Faaruu Jila Qaalluu Haala Aanaa Baakkoo Tibbee” mataduree jedhurratti dalageera. Argannoosaas faaruun jilaa Aanaa Baakkoo Tibbee keessatti hawaasa naannoo sanaa kan barsiisu, kan akeekkachiisu, gorsu jechuun kaa’eera. Kanaaf, qabiyyeefi kallattii qorannoo isaattiin kan koo irraa gargar taasisa.

Abdurramaan Abdurroo bara 2002 A.L.H waraqaa eebba digirii duraa itti guuttachuuf mata duree ‘Xinxaala walaleessummaa sheekkaraafi sharmadee soofumar’ jedhuun qorannoo yoo gaggeessu,walaloowwan sheekkaraafi sharmadee godina Baalee Aanaa Dawwee Qaachan ganda soofumar gama afaanitiin xinxaaludha.

# BOQONNAA SADII

# 3. SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA

## 3.1. Seensa

Boqonnaa kana keessatti, qabxiileen hammataman: saxaxa, madda odeeffannoo, mala iddattoo, filannoo iddattoo, meeshaa funaansa odeeffannoo, mala qaaccessa odeeffannoo qorannichaafaatu wal duraa duubaan dhiyaataniiru.

## 3.2. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun saxaxa ibsaa haalawaa adeemsifame. Sababni qorattaan akkamtaafi mala ibsaa fayyadameefis, kaayyoon qorannichaa, fayyadama afaanii faaruu xiinxaluu waan ta'eef, odeeffannoo sakkata'a dookimantii irraa fudhatame ibsuurratti fuulleeffata. Kanaaf, qorataan haala funaanee qaaccessuuf mala qorannoo akkamtaa, bu'ura odeeffannoo, mala iddattoo, meeshaa odeeffannoon ittiin funaanamu sakkata'a dookimentiifi malli qaaccessa odeeffannoo duraa duubaan kaa'ameera.

## 3.3. Malleen qorannichaa

Qorannoo tokko adeemsisuuf malleen qorannoon itti adeemsifamu kaa'un ni filatama. Beektonni malleen qorannoo garagaraa jiran himu, isaan keessaa akkamaata / quliqullina (qualitative method) Addunyaan (2010: 60), Tim (2002) fi Sigh (2007) wabeeffachuun malli akkamtaa, haalli jiruufi jireenya hawwaasichaa ykn amala hawwasa sanaa akkaataafi bifa inni qabuufi qabata isaa akkasumas, maal akka ta'e maaltu akka ta'aa jiru kan ittiin adda baasnu akka ta'e ibseera (Alem 1994:148, Dastaa (2002 ), Addunyaa (2010:62). Kanaafuu, kaayyoon qorannoo kanaa inni ijoon xinxaala faaruu kitaaba amantii Ortodoksi Tawaahidoo lakk.$2^{ffaa}$ gama fayyadama afaanin waanta ta'eef, qorannoo kana keessatti odeeffannoon jiru lakkoofsaan otoo hinta'in jechaan kan ibsameedha.

### 3.3.1. Irraawwatama

Qooddattoonni qorannoo, qaamaa qorannoon irratti adeemsifame kan ilaalatuudha. Qorannoon kuniis hawaasa Oromoo Godiina Shawaa Kaabaa Aanaa Waacaalee Magaala Mukaxurri keessatti kan adeemsifame waan ta’eef qooddattoonni isaas uummatuma magaalatti ta’a.

### 3.3.2. Madda Ragaalee

Maddi raga kanaa madda tokkoffaadha. Maddi raga tokkoffaa kuniis faaruu amantii kitaaba “Ortodoksi Tawaahidoo lakk.2ffaa” ti. Sababin maddi raga tokkoffaa gaggeeffameef, qorannich kan adeemsifame xinxaala fayyadama afaani irratti kan hundaa’e waan ta’eef. Kanaaf kitaabicha sakatta’uun qorannichi adeemsifame.

### 3.3.3. Mala Iddattotaa

Milkaa’ina qorannoo tokkoof iddattoon murteessadha. Iddaattoon qorannoo keessatti bakka tokko qofa osoo hin taane sadarkaa adda addaatti yoo ilaalame filatama. Isaaniis, namoota ykn wantoota ragaan irraa argaman, ragaan argamees xinxaaluufi hiikuu, akkasumas, firii argame qaama dhimmi ilaaluuf dhiheessuuf, adeemsa kan filatamu yoo ta’u, kan barbaachisuufiis yeroo, maallaqa, human namaafi, k.k.f qusachuuf kanuma ifa gochuuf; Kumar (2005: 165) “ In quqlitative research the issue of samping has little siginificance as the main aim of most qualitative inquaries is either explore or describe the diversity in situation phenomenon or issue.” Jechuun ibseera. Akaakuwwan qorannoo ammantaafi akkamtaa baay’innan gochaalee haalotaafi dhimmoota ibsuurratti waan fuuleffataniif dhimmi iddaattoo xiyyeeffannoo guddaa qaba. Kanaaf, qorannoo kana gageggeessuf iddattoon dhimma itti bahe gosa iddaattessu keessaa miti carraadha. Sababni isaas jamaa filatamaa iddaattoo filachuuf, carraa waan hingargaaramneef, qorataaniis gosa iddaattessuu miti carraa keessaa tokko kan tahe iddaatessuu akkayyootti dhimma bahee jira. Sababni isaas, qorannichi qabiyyee kaayyoo qoratichaaratti kan hundaa’uufi kitaaba faaruu Waaqaa irratti waan ta’eef, qorannoo kana hunda caalaa kallattiidhaan naaf milkeessa jedhee waan amaneef.

Kanumaan walqabatee Dastaa D. (2013:132) Suup (2006) waabeffachuun akka armaan gadiitti ibse.

“Purposive sampling a form of non- sampling in which decision concerving the individual to be include in sample are taken by a researcher based up on variety of criteria which may include specialist knowledge of the research issue or capacity and willingness to participate in the research.” Yaada kana irra kan hubannu, iddaattessuun akkayyoo gosa iddaattessuu mitcarraa keessa tokko akka ta’eefi kanneen qorannicharratti hirmaachuu qaban qabiyyee garagaraati. Kanaaf, hirmaachisuurratti hundaa’uun qoratichaan kan murtaa’u ta’uu hubanna.

### 3.3.4. Meeshaa funaansa odeeffannoo

Malli funaansa raga qoratichi itti fayyadamu mala sakatta’a sanadaa (Documentation method)ti. Sabiinsaas, qoratcichi raga kan funaane faaruu kitaaba amantii Ortoodoksi tawaahidoo Lakk. Lammaffaa irra waan ta’eefiidha.

Sakkatta’a dookimantii jechuun adeemsa qoranno tokko gaggeessuu keessatti tooftaa qorannoo san fudhatamaafi dhugummaa isaa mirkaneessuuf kitaabaafi barreeffamoota bifa adda addaatiin ta’an xinxaalun ciminaafi hanqina qabiyyee isaanii ibsuuf kan gargaarudha. Yaaduma olii kana deeggaruun Dastaa (2013: 131) yoo ibsu, “barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannootiitti nama fayyadan hedduutu jiru. Isaan, keessa kanneen akka waraqaa raga, kitaaboota, xaalayaa, nagahee, ajandaa, qaboo yaa’ii, barreeffama murtii, yaadannoofi kanneen kana fakkaatan ta’uu danda’u,” jechuun ibseera. Gama biraatiin, immoo, akkaataa kamiin ragaan funaanamuu akka qabu addaan baasuun barbaachisaadha. Ragaan funaanamu kuniis bifa lakkoofsaafi jechaan funaanamuu danda’u.

### 3.3.5. Mala Qaccessa Odeeffannoo

Qorannoo kana keessatti karaa ragaaleen qorannoo itti xinxaalaman, karaa tokkoon; kunis, mala sakkata’a dookumantiiti. Kuniis, fayyadama afaanii kitaaba faaruu amantii Ortodooksi Tawwaahidoo keessatti argaman addaan baasuudha. Sababni isaatiis, qorannoon kun irra caalaa kallattiin kan irratti xiyyeefatuudha isa kana waan ta’eef.

Qorstichis qorannoo mata dureensaa fayyadama afaanii kitaaba faaruu amantii “Ortodooksi Tawwaahidoo 2ffaa keessaa xixaaluu” jedhu kana gaggeesuuf mala akkamtaatti dhimma baheera. Sababni isaas ragaaleen funaanaman fayyadama afaan kitaabicha keessatti argaman jechuun ibsa kennenuun waan xixaalamaniif. Kanaaf, mala xixaala ragaalee jechuun, ragaaleen funaanaman sanaratti hundaa’uun kan qoratichi argannoo isaa itti mirkaneessuun mul’isuudha. Kanaafiis, qoratichi qorannoo isaa kana adeemsisuuf kan inni dhimma bahe mala akkamataati jechuudha.

# BOQONNAA AFUR

# *4.* DHIYEESSIFI QAACCESSA ODEEFFANNOO

## 4.1. Seensa

Odeeffannoo hiikuufi xinxaaluu irratti kan xiyyeeffatu yemmuu ta'u, as jalatti qabiyyee faaruu(faaruu ulfinaa, faaruu kadhataa, faaruu galataa, faaruu gaa'elaa), fayyadama afaanii faaruu keessatti mul'atan, filannoo jechootaa, malleen dubbii(akkasa, nameessa, arbeessa, fakkoommii) of keessatti hammatee kan ibsuu yaalera.

## 4.2. Fayyadama Afaaii Faaruu Waaqaa Keessattii Mul'atan

Walaloon jechoota ciccimoon filatamee; barreeffama xiqqaan barreeffamee ergaa bal'aa lafa kaa'a. Filannoon jechootaa walaloo qopheessuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Afwalaloo keessattis jechoonni barbaachisan jechoota hiika dachaa (connotative) fi hiika ifaa (denotative) ta'uu qaba. Kanaan walqabatee Kennedy, (1987:127) " Filannoo jechootaa keessatti walaloon hog barruuwwan akka diraamaafi asoosamaa caalaa beekamaadha" jedha. Ammas Kennedy, (1987:127) " Filannoo jechoota walaloo keessatti of eeggannoon kan adeemsifamuudha jedha. Sababnsaas, walaloon jechoota xiyyeeffannoo mataa isaa kan qabudha" jechuun ibsa. Yaaduma kanaan walqabsiisee, Fedhasaan (2013). Filannoon jechootaa "qusannoo jechootaati" jechuun ibsa laata. Yaada beektota kanaarraa wanti barannu filannoon jechootaa walaloo barreeffamaa kessatti miira dubbisaafi qalbii dhaggeefataa harkisuuf, daran murteessaa ta'uu agarsiisa.

Walaloon dhaamsa Waaqa biraa nuuf laatame tokko, haala miidhagaafi namatti toluun nama biraan dhaqabsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Walaloo wayita jennu garuu dhimma qubeen isaa dhuma irratti wal fakkaachuu qofaa otoo hin ta'in, ciminaafi dhangala'iinsa dhaamsa sanaa bakka olaanaa qabaachuu kan qabudha. "Walaloon faarfannaa aartii akkaataa jechaa yeedaloo / dhikkisa humna cimaa qabuun hubatamudha jedha" Fedhasaa (2013:85) Yaaduma kana qorataan kunis walaaloon waa'ee yookiin qabiyyee irratti barreeffamu irratti hundaa'uun jechoota filatamoofi ciccimoo gurra dubbisaafi dhaggeeffataa hawwachuu maluun yemmu barreeffame dhaamsa darbuu fedhame kallattiin ceesisuu akka maluudha.

### 4.2.1. Filannoo Jechootaa

Ilaalcha sammuu keenya keessa jiru dubbistootaaf kan hirru jechoota yaada keenya bakka baachuu danda'u filachuudhaan. Bifa kanaan, jechoonni kunneen yaada yookiin wanta nukeessa deddeebi'u ittiin baasnee ibsinu iddoo jajjabaa gurguddaa lamatti hirra. Geetaachoo (2011:56).

Fakkeenyaf fayyadama jechooaa gama idileefi al-idilee itti fayyadamuun adda baasuudhaan kitaaba faaruu MAOT keessatti maal fakkaata kan jedhu bifa armaan gadiitti kan xinxaalameedha. Jechoota idilee tarreessuuf baay'ee ta'anis galmee jechootaa keessatti kannee jiran guyyaa guyyaatti kan itti fayyadamnuudha. Itti dabalees, Jechoota waalta'oofi dhaabbilee, waajjiraalee mit- mootummaafi moottummaa keessatti yeroo baay'ee kan dhimma itti baahamuudha Geetachoo (2011:57). Jechoota al-idilee jechoota yaadaafi haala idileen ittiin gargaaramuu kan of keessaa hin hammanneedha. Akkasumas jechi tokko bakka yookaan naannoo garaagaraatti iddoo kan hin buusnedha. Si'a hedduu jechoonni kun jechoota dubbiiti malee barreeffamaaf itti hin gargaaramnu.

(F.1.)

Hintaane hundumtuu fedhii goftaa duuba
Hubannee yoo ilaalle lafaa fi samii gubbaa
Fedhuma isaatiin hunduu raawwatama
Ta'iidhuma Gooftaan hundumtuu uumama

*(kitaaba faarfannaa ortodoksii Tawaahidoo lakk 2^ffaa)*

(F.2.)

Caba koos fayyee nan dandamadhaa
Miila koo lamaan kunoo dhaabbadhee
Jechoota haaraan siin faarfadha
Gooftaa koo ati hangafa nagaadha
Gonfoo ulfaatinaa bareedina koo
Waaqa ma waamta miidhagsi dhuma koo

*(kitaaba Faarfannaa Ortodoksii Tawaahidoo lakk 2^ffaa)*

Faaruu kana keessatti jechoonni qusatamoo ta'anii dhaamsa dacha ittiin ibsuuf jechoota Miila, Gonfoo ulfaatinaa, bareedina, angafa, angafa nagaa jechoota jedhan fayyadamuun ulfina, humna, kabaja bara mootummaa waaqaafi ilma waaqaa amantootaaf haala faaruutiin dhaamsa dabarfatu.

Afaan tokkoo keessatti addaddummaa argamu dubbii yookaan loqoda / looga jedhama. Geetaachoo Rabbirraa (2011:57). Isuma kanarraa ka'udhaan faaruu kitaaba kana keessa jiru yemmuu ilaallu, loqodaan kan guutamedha. Inni kun immoo dagaagina afaanichaa ariifachiisuu irratti gufuu ta'uu waan maluuf, of eeggannoo gochuun baay'ee barbaachisa.

Jechoota simboo jechuun, jechoota haala qabatamaa naannoo isaanii addeessaniidha. Faaruun amantiis, aadaafi wantoota naannoo isaanii jiran akka gaariin mul'isu. Afaan kamuu keessatti, uumanni tokko jechootaan iddo buusuu yemmu dadhabe. Palmer (1981:153) " Jechoonni hiika walfakkaatan yookiin walfaallessan qabaachuu ni danda'u" jedha. Isuma kana cimsuun Geetaachoo (2011:57) irratti yeggu ibsu "…haala adda addaarraan kan ka'e uumanni tokko, jechoota akkuma barbaadeen maqaa kan hin yaamne, kan jechootaan iddo bu'uu hin dandeenye otoo hin taanee safuu yookaan saalfii waan ta'aniifi" jechuun ibsaniiru.

- Niitiifi Dhirsaa
- Alalee,
- Ejjituu
- Nadheen
- Gonfoo ulfinaa bareedina koo,

Jechamni irra keessa hiika ifa ta'e, of keessaatti immoo hiika icciitii kan qabateedha. Jechoonni garee kanneen kaayyoo tokko dhoksaa ittii gargaaramuudhaan bakka barbaadameen gahuu waan ta'eef, gareedhaan gargaaramu. Dhoksaan yaada isaanii yoo barame yookaan ifa bahe bakka (naannoon), yeroofi haallii waliin akkamalee waan walqabatuuf ariitiin geeddaruun nibarbaachisa. Iddoo magaalaatti yaada (wanta) dabalataanis icciitii himachuuf gareen kun barattoota, hojjettoota, dhiiraafi durba, dargaggoo, hojii dhabdoota, kashalabbeewwan kkf. ofuma isaaniitiin kalaquun kan itti waliihubataniidha. Geetaachoo Rabirraa (2011:58)

Fkn. Fannoo kee jala jilbiibbidhaanan deema: jilbeefffadheetan si kadhakdha.

Siifan sagada

Ulfinan sii laadha

Qabamuu harka isaarra: jalaa nabaase, akka inni na hin miine goote.

Gabrummaa yookiin bittaa isaa jalaa na oolchite

Uummanni biyya lafaa kun shakkii guddise: natti amanuu didee, na simachuu didee, na fudhachu shakke.

Yoo uumaa gane, haqa koo, yookiin Waaqummaa koo amanuu dide

Wayita waa barreessinu jechoota afaan biraa afaan tokko keessatti wayita gargaaramnu alidilee ta'uu mala. Kun uumamaan jechoota alidilee osoo hin taane akkaataa itti gargaaramuu keenyaatu alidilee taasisa. Inni kun kan ta'u, jechota afaan biraa gargaaramuun yaada yookaan kan jedhamu afaan saaniitiin addeesuu dandeessu, jecha afaanichaa dhiisnee yemmu jecha afaan biraatti gargaaramneedha. Afaan tokko jecha ofi isaan rakkoo malee ibsuu danda'u otoo jiruu dhiifnee jecha afaan biraatti yemmuu gargaaramnuudha. Geetaachoo Rabbirraa (2011:58).

Fkn. "Jannata bakka mishaa" isa kana keessatti jecha afaan biraarraa fudhatame yemmuu ta'u, hiikni isaas

"Edenitti"kunis,afaan Ibraayisxii yemmuu ta'u hiikkaan isaas,

‟Yahiwe" Hiikni isaas, ‟Waaqayyo‟ jechuudha. Jecha afaan biroo ta'ee Afaan Oromootiin iddoa buusuun ni danda'ama.

"Elshadaay" Jechuun waaqa isa waahunda danda'u jechuudha. Kunis afaan oromootiin kallattiin jecha tokkoon kan iddoo bu'ee yaada bal'aa kana ibsu waan dhabameef itti fayyadamaniirru.

Hojjettoonni yookaan namoonni mana hojii tokko keessatti waliin hojjetan qofti itti gargaaraman jechoota ogummaa ta'u. Jechoonni kanneen wantoota jireenya isaanii waliin, , haalafi gochaa meeshaalee kkf.. addeessuuf kan itti gargaaramanidha. Jechoota akkanaa  baruun kan danda'amu kallattumaan, namoota sana waliin haasa'aa jirra

yemmuu ta'e, yookiin isaan waliin dalagan yoo ta'e qofadha. (Geetaachoo Rabbirraa 2011:59).

Fkn. “Haalleeluyyaa”: Waaqayyoon jabaadha, Waaqayyo jajadhaa.

“Ameen‟: Nuuf yaa raawwatu

“Eelshaadaay‟: Waaqayyo isa waamara danda'u

”Adoonaay: Tajaajilaa koo, humna koo

“Seexana : Danqaa, diina waan mishaa mara hin jaalanne

“Harka Walitti rukutaa” sisimadha, galateeffadheera, koo sitaasifadha.

“Harka keessan gara samiitti ol fuudha”: Baruun harkaa olbalisamee gama waaqaatti ol ka'uun ani siifan bitama, ofirratti simoosiise, ati jabaadha dhaamsa jedhu qaba. Barreeffama keessattii jechi itti gargaaramnu kan bakka bu'amu isa qajeelan bakka bu'amu qaba. Isa kanas Geetaachoo Rabbirraa (2011:59) irratti haala armaan oliitti teechisee jira.

### 4.2.2. Malleen dubbii (Figurative speech)

Malleen dubbii haqummaa yaada tokkoo sirriin ibsuurra wanta ummata keessatti uumamuun walqabsiisuun boca sammuu dhaggeeffataa yookiin dubbisaa keessatti kan agarsiisu yookaan olkaa'uudha. Malleen dubbii fayyadama afaanii keessatti bakka guddaa qaba. Isa kana ilaalchisee, Addunyaan (2014:208) irratti yemmu ibsu, “Malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta'een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsudha,” jedha. Yaada isaa kanarraa kan baratamu haaluma olitti eerame, malleen dubbii faaruu keessatti kan faarfattoonni dhaamsa dabarfachuu fedhan qaama barbaadamaa ta'etti bifa mijataa ta'een dabarsaniidha. Malleen dubbiitti fayyadamnee wantoota addunyaa haqa keessatti argaman arga yaadaatiin dhaggeeffachuu, ilaaluu, xiinxaluu qaqabachuu, qalbii keenyatti immoo dhiyaatanii akka argaman taasisuudha.

Faaruleen kanniin hidhata waaqa waliin qabnu kanniin nuu jajjabeesanidha. Waaqqarraa akka gargar bahuu hin malleefi gargar bahuu dhiisuun ammoo faayidaan inni qabu gama hafuuraa kan addeessamu yemmu ta'u, Lukkuun baallee isheetti akkuma wucoo, walalichaa keessatti biyyattii haaraa/abdii sana akka isaan yaadaa sammuu isaanii keessatti bocanii yaadan isaan taasiisa. Ilmi namaa qaamolee miiraa isaatti fayyadamee

dhaggeeffachuu, dhandhamuu, fuufachuu, ilaaluufi qaqabachuun bal'inaan kanniin kana itti gargaarama. Warri xarabduu kan tuffataman dhagaa golee ta'e kan jedhu akka qaabannu nu taasisa. Waaqayyo jiraataa bara baraa kan hin jigne godhee ibsa.

#### 4.2.2.1.Akkasaafi Iddeessaa

Addunyaan, (2014:208) "Akkasaan ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon wal bira qabuun dhiyeessuudhaan akka salphaatti hubatamu kan taasisudha," jedha. Addunyaan (2014:210) "Iddeessi fayyadama afaanii karaa dhokataa ta'een wantoota waldorgomsiisa," jedha. Kanas kallattumaan waan ittiin morkisiisu sanaa waliin bakka buusa.

(A.I.1**)**

Sabasagal dhaqan hunduu sagadan,
Mootich Isiraa'eel waan dhalateef
Harka fuudhii laatan akka seeraatti
Ixaana lubummasaaf Warqee mootumaasaaf
Karbeen fannoosaaf
Daa'imman haa deemnu godoo dhalatetti
Waan jijjiirameef bishaan aannanitti
Uuman hunda keenya beetilihemii
Bulee akka keessummootaa
Namoonni haa barani waa'ee dhalachusaa nama ta'uu gooftaa

*(kitaaba Faarfannaa Ortodoksii Tawaahidoo lakk 2[ffaa] 8:301)*

Faaruu kana keessatti kan arginu akkasaadhaan fayyadamuun wanoota lama walcinaa qabuun addeessuu yemmu ta'u,"akka seersatti" gaaleen jedhu tokkoffaa seerri waaqaa waan mara duraa akka barbaachisaa ta'u, kunis rakkina kamuu jalaa nama baasuu akka danda'u ni hubatama. Akkasumas tarkaanfii fudhachuu yookiin murteessuuf ka'uu kan nama hubachiisudha (2Mot.17:24-26).

#### 4.2.2.2.Nameessaa

Nameessuu jechuun akka Addunya (2014:211) ibsutti “Wantoonni akka namaatti beela’anii akka quufan, deemanii akka galan, ijaaramanii akka diigaman kan taasisu fayyadama afaaniiti,” jedha.

(N.1) Balaqee aduuf urjiilee kan ajajamaniif
Bakkakkaan samiirraa kan faarfataniif
Ilmaan addaam hunduu sadan haafarfannuuf qulqulluu (2x)
*(kitaaba Faarfannaa Ortodoksii Tawaahidoo lakk 2[ffaa] 3:133*)

(N.2) Bineensonni bakkee sigalteeffatu
Uumamni harka kee

Faaruu kana keessatti jechoota adda addaa fayyadamuun hala nameessuutiin malummaa waaqayyoo ibsuuf fayyadameera. Malummaan waaqayyoo haala adda addaatiin kan agamuudha. Tarree tokkoffaa keessatti jechoonni toora galanii jiran kun Biiftuun amanamummaa waaqayyoo ni ni mul’isa dabalataaniis, Uumama waaqayyoo guyyaafi, halkan wayitiifi kallattii addaan foo’uuf kan kalaqamuudha. Addeessa yookii Jiini baatii jedhamuun ni yaamama. Uurjoonni waaqayyoon Uumaman.Uurjoonni gudinaafi ulfina waaqayyoo ni agarsiisu. (Amos.5:8, Mot.23:5, Far.147:4, 5;18:1) heddumminni isaanii mallattoo arjummaa gooftaa ni mul’isa.Walumaagala jechoota bifafi amalaa waan tokko agarsiisan osoo hin fayyadamiin maqaalee heddummina mul’isaniin waan hin argamne kana ibseera. Akkasumas, cabsata lammaffaa keessattis bineensonni bakkee si galateefatuu wayita jedhu afaan baasanii dubachuu isaanii yoo dhaga’uu baanne illee, Uumama harka isaa waan taaniif qooqa waaqayyo isaanii laatan akka ulfina waaqayyoo muliisanidha.

#### 4.2.2.3.Arbeessaa

Arbeessuun jechoota waan tokko akkamalee guddisuu yookiin xiqqeessun dhiyeessudha. Addunyaa (2014:214) “Waan tokko guddisanii hamma arbaa, xinneessanii immoo hanga huubaa taasisuu jechuudha” jedha. Bifuma kanaan faaruu amantii keessatti jechootatti gargaaramanii wanta tokko akkamalee guddisuu yookiin akkamalee xiqqeessuu waan wanti sun hin taane godhanii dhiyeessuun ni jira jechuudha.

(A.1.)

Yoo madeesseyyuu inni ni fayyisaa
Wallaanuu beeka qoricha harka isaa
Waan hundaa keessa si baasa inni
Tasa sinmiidhu wanti hamaanii
*(kitaaba Faarfannaa Ortodoksii Tawaahidoo lakk 2ffaa 1:22*)

Jechoonni kunneen wayita ilaalaman jabina waaqayyoo waan ittiin addeessu waan dhabeef maqibsoota amala waan tokko ittiin ibsanu fayyadamuun cimina waaqayyoo akka hammi isaa hin beekamnetti addeessameera.

#### 4.2.2.4. Fakkoommii

Fakkoommiin mallattoonis haata‟u jechaan waanti ibsamuuf ka’e tokko sirriitti akka baramuuf humna sammuu keessatti fakkii bocuu ni qaba. Haata’utii fakkoommiin akaa amantii kanaatti bineensotaan, ilbiisotaan, mukaan akkasumas umama lubbu maleyyii kanneenitti maa’ii bahuun walitti dhufeenya waaqaafi namaa dabalattaniis nama gidduu jiru farsuun amantoota ni jajjabeessu, barsiisu, ifatu, gorsu, akkasumas, amantiitti akka inni cimuuf ni daddamaqisa.

**Gugee:** Hiikn irra keessaa jiru sinbirroo balaliitu yoo ta’u, Nohi bishaan adabbii hir’achuu isaa gugee erguun mirkaneeffate, isheenis nageenya mul’isti (Uma.8:8-12).

- Yemmuu ta’u gugeen fakkeenya bareedinaa (Wed.1:15), boo’icha \ gadda (Isa.59:11) fi fayyaalettummaa ni mul’isa (Mat.3:16).Kanas faarfannaa baay’eesaarratti Hafuura Qulqulluun fakkeeffameera.
- Bifuma kanaan gugeen akka aadaa hawaasaatti ammoo bareedduu, garraamii jaallatamtuu fakkeenya waan gaarii maraati.

**Bishaan:** Dhangala’aa Uumama lubbuu qaban maraatiif murteessaadha. Bishaan lafa kanarra durumayyuu ni jira ture (Uma.1:3, 6).

- Bara kakuu moofaa keessatti Lubni dubartii sagagaluun shakkamte tokko bishaan hadhaa’aa obaasee qoru jiraachuu mul’isa (Lak.5:12-31).
- Bishaanni fakkeenya badii irraa qulqullaa’uuti (His 16:4, 9; 36:25; Yoh.3:5).

- Eebba waaqayyoo mul'isa (Far. 23: 2 ; Isa.35:6; Yoh.4:7 Mul.22:1).

Gama biraatiin balaafi murtii ni mul'isa (Far.18:16; 31:6; 68:1).

**Abidda:** Abiddi bara durii dhagaa walitti dhahuun argatu ture (Bau.32:24; Iya.6:24) yeroo baay'ee

- Abiddi Ormaa aarsaa dhiyeessuun adabbii jabaa ni fida ture (Lew.1012)
- Waaqni yeroo hedduu aibiddaan ni mul'ata tue (Bau.3:2;HoE. 2:3)
- Abiddi samiirraa bahee aarsaa namoota tokko tokkoo xoph godhee nyaateera (Mot.8:38; 2Sen 7:1-3).
- Ulfina Waaqayyoo ti (His.1:4) fi sabasaa kan eegu ta'‟uu isaa agarsiisa.
- Abiddi fakkeenya qajeelummaa, qulqullummaafi dheekkamsaa waaqayyooti. (Zak.4:24; Isa.66:15; Ibr.12:29)
- Qorumsa namatti dhufu mul'isu (1Phe1:6)fi murtii kan mul'isudha.

**Huurrii:** Waanta akka duumessaa lafatti uwwifamu yookiin aduun akka hin argamne kan taasisuudha (Hoe.13:11) kan itti fakkeeffamu immoo akkaatta guyyaa murtii ti (Sef.1:15). Innis maalummaan waaqaa yeroo hedduu kan ittiin argamuudha.

**Fannoo:** Fannoon akka amantichaatti ilma Waaqaa kan ta'e Gooftaan Yesuus iddo inni itti rakkina fudhate kan mul'isu yemmu ta'u, amantootaaf kan inni agarsiisu gidiraafi rakkoo isaanirra gahu obsaan guddaan keessa darbuu akka isaan barbaachisu agarsiisa.

**Hoolaa:** Mallattummaan isaa eebba, arjaa (ofkennuu), garraamii, jaalala, akkasumas, ilma Waaqayyoo Gooftaa Yesuusiin bakka buufame jira. Kunis gaarummaa Waaqayyo ilmaan namootaaf qabu karaa ilma isaatii kan inni ittiin agarsiise (Yoh.1:29).

Dabalaatanis kan inni itti fakkeeffamu fakkeenya amantoota warreen kiristoos duukaa bu'aniiti (Mat.25:33).

**Seexana:** Akkaataa amantichaatti kan waanta gaarii hin dalagne, ergamaa Luusifeer kan ta'edha. Biyya lafaarratti aangoo olaanaafi cimaa isa qabudha. Kunis yeroo heddu Bofa, Jawweedhaan bakka buusamee barsiifama (Pex.5:8; Mul.12:10, Mat. 25:41).

**Jaamaa:** Fakkeenyummaan isaa haalaa amantaa kanaatti tokkoffaa jaamummaa fedhii foonii yemmuu ta'u, kan biraa ammoo hubannaa dhabuu kan agarsisuudha.

(F.2)

Sabasagal dhaqan hunduu sagadan,
Mootich Isiraa'eel waan dhalateef
Harka fuudhii laatan akka seeraatti
Ixaana lubummasaaf Warqee mootumaasaaf
Karbeen fannoosaaf
Daa'imman haa deemnu godoo dhalatetti
Waan jijjiirameef bishaan aannanitti
Uuman hunda keenya beetilihemii
Bulee akka keessummootaa
Namoonni haa barani waa'ee dhalachusaa nama ta'uu gooftaa

*(kitaaba Faarfannaa Ortodoksii Tawaahidoo lakk 2^ffaa 8:301)*

Gaaleen walaloo kana keessatti jechoota miidhagoodhaan faayamee iddo adda addaa seenee argamu kun faaruu kanaaf miidhagina bira kuuludhaan maalummaa waaqayyoo; fakkeenyummaa ilma namaatiin walbira qabee ibsuutti jira. Hiikkaa fakkoommii kana yommuu ilaallu warqeen dhagaa gati jabeessa, qabeenyafi miidhagaa kan ta'edha. Gama biraatiin immoo, warqeen kan itti fakkeeffamu Ulfinaafi mootummaa waaqayyoo kan agarsiisudha. (Mul.21:18) Akkasumas Yaa ilma waaqayyoo wayita jedhu yesuus kiristoosiin nama jaarsa ta'ee lafa kanarra jiruun walbira qabuun ati kabajamaadha, ulfaataadha, motummaan kee daangaa hin qabuu jechuudhaan fayyadama jechoota iddeessafi akkasaatti maa'ii bahuun ibsameera.

## 4.3. Fayyadama Afaan keessatti Qabiyyee Faaruu

Faaruun Waaqaf kan dhiyaatu ta'ee, kanneen biraatiif waa'ee Waaqayyoo gama ittiin ibsinudha.Waaqayyoon, wayita faaruun galateeffannu, jajannu tokkoffaa kallattiin yookiin namoota biraatti waa'ee isaa himuun, jajachuu nidandeenya. Galateeffachuu keessatti, waa'een maalummaa Waaqaa fuulleffannoo cimaa qaba. Galateffannaan kan hundaa'uu qabu, fedhii keenya irratti bu'uureeffamee otoo hin ta'in, jabummaafi kan hin

geggedaramne ta'uu isaa irratti. Far. (103:1).Qabiyyeen dhaamsa ijoo barreeffama tokkotti fayyadamna kan dabarsinu yemmuu ta'u faarfannaa Faaruun kitaaba lakk. 2^ffaa MAOT addaddummaa dhaamsa adda addaa dabarsuun ni danda'ama. Qabiyyeefi unkaan faaruu tokkoo kan walqabataniidha. Kana jechuunis, qabiyyeen faaruu tokkoo, caasaa isaanii waliin ta'uun, dhaamsawwan ijoo akkaataa hawaasaa, amantiin qabuun kan dabarsuudha.

Karaa biraatiin, qabiyyeen, akkaata fayyadama afaanii dhokataa ta'een namni Waaqatti dhibee, rakkoo, waan jiruufi jireenya keessatti dandeettii isaa caleefi gammachuu isaa keessattis galata ittiin galfatuudha. Amanan amantii isaatiin bbitamu haalawwan isa muudateef fala argachuuf, ergaa dhokataa garagaraa ibsachuuf faaruu amantiitti fayyadamu. Walaloo faarfannaa Faaruun kitaaba lakk. 2^ffaa MAOT namoonni fayyadamuun ni kadhatu, galata nidhiyeessuu, olaantummaa himu, abdiifi kanneen fakkaatan ibsu. Dabalataaniis, qabiyeen faarfannaalee Faaruun kitaaba lakk. 2^ffaa MAOT malleen dubbii (Nameessuu, Akkasaa, Arbeessa…) fayyadamuun hariiroofi maalummaa Waaqaa faarfannaa fayyadamuun namootaa ibsu.

Walumaagalan, qabiyyeen faaruu amantii Faaruun kitaaba lakk. 2^ffaa MAOT dhaamsa adda addaa dabarsu. Innis faaruun dubbii waaqatti; dubbiin waaqaa ammoo, human jabaa qaba (Ibr.4:12). Dabalees, faaruun meeshaa guddaa karaa namoonni ittiin haala garagaraafi bifa adda addaa keessa taa'un waaqaa wajjiin wal arguu akka danda'an namahubachiisa. Kanaaf, qabiyyee faarsaalee mara waliin gahuun ulfaataa waan ta'uuf fuulleffannoon qabiyyeewwan gurguddoo shan irrati laatameera.

### 4.3.1. Faaruu Ulfinaa

Faaruun kun dhimma waaqaa jabinaina isaa, waa hundaa danda'uu isaa, fayyisuu isaa, qulqulluu ta'uu isaa, kan bara baraan jiraataa ta'uu isaa, guddina maqaa isaa waan hudumaa irratti qabu, walumaa galatti maalummaa waaqaa kan ittiin agarsiisaniidha (Far.33:1- 3;Isa.6:3-4).Waa'ee jabina isaa namoota lafarraa qofa otoo hin taane eergamoonni waaqa irraas osoo addaan hin kutiin yeroo hundaafi bara hundaa ni faarfatu (Esa.6:3-4). Macaafa Qulqulluu kakuu haaraa keessattis ergamoonni faarfannaa akkasiin waaqa galateeffataniiru (Luq.2:13-14).Waaqayyoon waaqqessuu keessatti dalagaan

kristaanotaa inni duraa tokko waaqayyoon jabina isaa olkaasanii himuudha. Kanaaf, akka Amantii MAOTtti Waaqn jabaa, danda’aa, guddaa waan tokko raawwachuufi dhiisuuf aangoofi dandeettii kan qabu waan ta’eef, dhugaa kana kan ittiin agarsiisan faarfannaa baay’eetu jira. Faaruun itti aanus kanuma ibsa.

(1a) Bakka inni dhaabbate kan dhaabbatu eenyuudha
Gargaarsa hin barbaadu qofaa isaa dhaabbata
Waan hundaa moo’ee hunduu isaan gadii
Waaqa akkasii qabdaa lubbuu koo gammadii
(kitaaba Faarfannaa Ortodoksii Tawaahidoo lakk 2ffaa 1:34)

Dhaamsi kallattiin faaruu kana keessatti mul’atu Waaqayyo irreen isaa guddaadha. Humna Waaqayyoo beeksisuuf jechoota akka “moo’ee” fi “qofaa” fayyadameera. Innis, fayyadama jechootaa waliin deemaniifi hiika walfakkaatu qaban ittiin barsiisuuf fayyada. Haaluma kanaan Ulfinni, Waaqayyoo hammam akka ta’e ittin beekuun ni danda’ama. Gaaleen, “waan hunda moo’a,”fi "hund isaa gadi” jedhu kun waaqni jabaa ta’uun isaa nama hin shakkisiisu. Humni Waaqayyoo cimaa ta’uu isaa, akka namni kaan ammoo osoo hin mamiin amanuuf sagalee gara marartee qabuun faaruun fudhachiisu yaala. Akkaatan fayyadama afaanii faaruu kana keessatti guddina Waaqaa mul’suu keessatti namni akkam godhee afaanitti fayyadamuun hariiroo isaa fi Waaqa waliin jiru mul’ise kan jedhufi fayyadama afaanii keessatti qindoominaafi filannoo jechootaa ni ibsa. Inni kun ammoo barnoota afaan oromoo keessatti bu’aa olaanaa qaba. Brumfit, Carter, (1996:78) yemmuu ibsan, “Biyyoota gudachaa jiran kessatti ogbarruun sirna barnootaa keessatti dabalamuun guddina afaanichaaf bu’aa guddaa qaba,” jedhu.

(1b) Hundumaa danda’aadha waaqayyo jabaadha,
Kabajaa guddaadhaan fuulasaa dhaabbadhaa,
(kitaaba Faarfannaa Ortodoksii Tawaahidoo lakk 2ffaa 1:34)

Waaqani humna qabeessa, kan waan mara humnafi aangoo isaatiin bituu kan danda’udha. Kana keessatti fayyadamni jechootaa argamu (t.1) keessatti jechoota akka danda’aa, jabaa yoo ta’u jechoonni kun lamaan tajaajila afaanii keessatti hamma waan tokkoo mul’isuuf kan itti fayyadamuudha. Kanaaf, faaruu kana keessatti namni fayyadama jechoota akkasiitti fayyadamuun waan tokko akka gaariitti ibsa. kanarratti

gaaleen ‟ waaqayyo jabaadha” Jedhu maalummaa Waaqayyoo kanniin ibsan keessaa waaqummaan Waaqayyoo bara dheeraa ta’uu, marti harka isaa ta’uu, yeroon mootummaasaas dhuma akka qabne agarsiisa. kanas (Luq.1:33 ) irratti aangoon namaa irraa ittiin addaan baasuun “barri mootummaa isaas dhuma hin qabu” jechuun addeessa. Jechoota kanniin ulfina Waaqayyoo ittiin mul’isuuf itti fayyadamuun kun jechoota idilee ta’anii dhaamsa bal’aafi hubannoo cimaa akka horanuuf kan argaman waan ta’eef karaa barnoota idileefi amantiin illee faayidaa jabaa afaanichaaf kenuu ni danda’u.

(1c) Simalee kan nagargaaru eenyu
Bakka haadhaa fi abbaa koo sumaan waammadha,
Yaa gooftaa koo yaa uummaa koo suman abdadhaa.

(kitaaba Faarfannaa Ortodoksii Tawaahidoo lakk 2ffaa 3: 42)

Haaluma walaloo kana irraa hubannutti Waaqayyo deeggaruudha. Mootii moototaa bara baraan isa jiraatu, kan hinjijjiiramne, kan hin dune jechuu isaati. Kuniis haadhi fi biyya lafaa kana irratti argaman ni du’u, ni dulloomu, ni jijjiiramu waaqni garuu amala kana hinqabu. Waaqni ijaan hin argamu, harkaan hin tuttuqamu, inni garuu, jiraataa dha. Faarun itti aanu, waaqummaa Waaqaa/Ulfina Waaqaa keessatti, hafuurri qulqulluun bakka olaanaa qabaachuu mul’isa. Hafuura qulqulluu jechuun, Waaqa jechuu akka ta’e ni dubbatama. Dalagaa Waaqayyo dalagu, hafuurri qulqulluunis dalaguu ni danda’a. Sababinsaas,‟ Waaqayyo hafuura kan waaqeeffamus hafuurani,” jedhamee kitaaba qulqulluu keessatti eeramee jira.Faaruun, itti aanus kanuman walqabata.

(1d) Uumanni lafarraa faarfadhaa ilil jedhaa,
Maqaa abbaa fi ilmaa afura quliqulluu.
Galanni ni ta’aaf eenyuma durattuu
Adunyaa hundasaa Goofta isa uumeef
Ganamaaf galgala galanni haa ta’uuf

(kitaaba Faarfannaa Ortodoksii Tawaahidoo lakk 2ffaa 1:42)

Wanta ijaan argamuu hin dandeenye arguu kan danda’u, Dabalataanis Waaqaafi hafuurra qulqulluu biraa yoo ta’e malee deeggarsifi dhiibban namarra gahu maaltuu akka hin jirre nutti mul’isa. Bifa amantoota kanaatti, waanti osoo Waaqani hin beekne ta’u maaltuu akka hin jirre amanu.

#### 4.3.2. Faaruu kadhataa

Akkuma hubatamu iddoo adda addaatti waan humna ofiitii ol ta'ee, kan akka dhukkubaa irraa fayyuu, balaa garagaraa jalaa bahuu, murtee haqa argachuu, rakkoo dhuunfaa, maatiifi biyyaa, qalbii horachuufi rakkoolee biraa jalaa miliquuf Waaqa isa mara hubatu, danda'u, iddo maratti argamu, duratti argamuudhaan fedhii keessa ofii Waaqayyootti ittiin ibsataniidha. Bifuma kanaan amantoonni amantii kanaa Waaqa amanachuudhaan rakkinoota isaaf fala barbaaduuf faaruu kadhannaa Waaqaafi hafuura qulqulluu mul'isan baay'eetti fayyadamu. Faaruun kadhannaa ibsan wayita kamiiyyuu ni faarfamu. Fakkeenyi faaruu kanneenis haala itti aanuun ibsamaniiru.

(2a) Biyya lafaa iratti yommuun qoramu
Fayyuu dhabee yemmuun dhiphadhuu,
Fayyinni keenya sibira jira,
Maqaa keef jedhii nugargaari adaraa
(kitaaba Faarfannaa Ortodoksii Tawaahidoo lakk 2[ffaa] 5:26)

Amantoonni gara waldaa yemmuu dhaqan Waaqayyo itti dhiyaatee rakkina isaan qaban irraa akka isaan faluuf iddoo tokkotti walitti dhufanii ni faarfatu, kadhannaa ni taasisu. Wayita hafuurri qulqulluu gama jireenya namootaa dhaquun karaa saaqeefii namni cubbuu dalage sun hafuurra qulqulluun akka isaaf dhiisuuf himatudha. Faarsaa kana keessatti fayyadamni jechootaa akkaata waliin deemaniin qindaa'anii jiru. Inni kunis, barnoota idilee keessattillee jechoota waliin deeman barsiisuuf ni fayyada.

(2b) Eegaa yaa Gooftaa sitti of laanneeraa,
Ati nuu olii ceephoo diinaarraa
Fooniin qoramnee kufnee jiraatii
Maqaa keef jedhi nu gargaar ati
(kitaaba Faarfannaa Ortodoksii Tawaahidoo lakk 2[ffaa] 5:27)

Faaruun arman olii kun kan inni mul'isu namni cubbuutti eega seene booda Waaqayyoon araara gaafachuuf, cubbuu jireenya isaa dhuunfatee jiruuf falli Waaqayyo malee qaama biraa akka hintaane faaru itti gargaaramaniidha. Cubbuun akka amantii kanaatti fuula Waaqayyoo duraa kan nama dhabamsiisudha. Cubbuun faallaa haqaati. "Waaqayyo dhugaadha" dhugaan ammoo hin kijibu, cubbuu hin hindalagu, gamnummaa, hin qabu.

Kanaaf, cubbuun faallaa haqa dalaguu waan ta'eef, Waaqa irraa nama dhiiba. Tafariin, Bartels (1983:34) wabeeffachuun akka kaa'etti "Cubbuun faallaa safuufi dhugaa ta'uyyuu; amantaa kamiyyuu keessatti waan waaqni jaallatu; namni ni jaallata" jedha.

(2c) Nuttaraarami yaa Gooftaa gooftaa
Waaqa quliqullootaa
Cubbamaa Yoo taanees ati nu jaallataa (2x)
(kitaaba Faarfannaa Ortodoksii Tawaahidoo lakk 2ffaa 11:32)

Faaruun kun nama keessa isaatti boqonnaa dhabe, jechuunis tasgabbiifi nagaa lubbuu kan hinqabnee; waanta barbaade kan hin arganne, isa akkanaa kana ammoo qabeenyifi faayidaan biyya aragalfachiisuu akka hin dandenye baruudhaan lubbuun isaa Waaqa akka argachuuf yaaltu lubbuu isaa waliin haasa'aa faarfachuun Waaqa ittiin mararsiifatuudha Gaaleen, " yaa Gooftaa gooftaa ", " Waaqa qulqullootaa " jedhu kun sagalee naasifannaadhaan Waaqayyoon kadhatee garaa laaffisachuuf, fayyadama jechootaa keessaa gahee, maqaalee abbummaa mulisanitti dhimma bahera. Kunis, gara barnoota idileetti yoo fidne gama salphaatiin haala qabatamaa hawaasa beekun barattoota hubachiisuu akka dandeenyu nutti mul'isa.

(2d) Maaloo yaa waaqayyo ati nu hingatiinii (2x)
Qulqullootaaf jedhii garaa hin jabaatiinii (2x)
Qoricha hin qabnu si malee yaa Gooftaa (2x)
Kan namni dadhabee ati ni fayyisaa (2x)
(kitaaba faarfannaa ortodoksii Tawaahidoo lakk 2ffaa 11:33)

Faaruun armaan olii kunis, namni kamuu, dureessas haata'u hiyyeessa, dalagatee waanum argateen jiraachuuf wantoota bu'uura ta'an keessaa inni tokko fayyaadha. Irracaalaan ammoo, lubbuun lafa kanarra buluuf fayyaan jiraachuun dirqama. Namni fayyaa guutuu qabu, humna isaan dalagatee buluu danda'a. Waan mara qabaatee jiraachuu kan hin feene hin jiraatu. Garuu, wanti dursu fayyaadha. Kanumaaf, fakkaata faaruun kun kaan caalaa " qoricha hinqanu simalee," jedhee kan kadhatu. Walumaagala, namni jireenya isaa keessatti deeggarsi Waaqayyoo akka isa barbaachisu, rakkinni garaagaraa yoo isa mudate gargaarsi Waaqaa akka isa feesisu (t.3) irratti ibsamee jira. Namni cubbuu dalaguun hin hafu garuu, Waaqayyo, namni cubbuu dalage fuula isaatii

akka dhabamu waan hinfeenef waan itiin fayyisu kaa'e. Faaruun, itti aanuus kanuma addeessa.

(2e) Cubbamootaaf jettee dhuftee
Nafayisuuf jettee rakkinaan dhalattee
Jaalala naaf qabdu fannooratti mul'istee
Warra yuhudoota guddaa qaanesitee
Warri diina kootii natty girrisanii
Adeemsa hojii koo nawallaalchisanii
Baay'ee sodaadheera karaan deemu irra
Lubbuu baduuf jedhunagargaar adaraa

(kitaaba faarfannaa ortodoksii Tawaahidoo lakk 2ffaa 5:160)

Bifuma kanaan, namni iddo Waaqayyo jiraadhaa jedhee haala tolchuuf keessaa seexanaan goyyoomanii, yaada Waaqni fuulduratti isaaniif qabu baruu/ hubachuu dhiisun akka "jannata" keessaa Waaqayyo isaan baase wayita kanas gaabbanii gaddanii Addam kanaafii Waaqayyoon ilmoo ilmaan isaa irra dhalatee "fannorra" oolee akka isa araaramu irbuu seenuuf (t.3) irraa baruu ni danda'ama. Namni Waaqayyo dalagaa diinaa kana irraa "na gargaari" jedhee Waaqa isaa yoo faarsuun kadhatu mul'ata.

### 4.3.3. Faaruu Galataa

Galata jechuun kan namoonni gareen yookiin dhuunfan ta'uun dalagaa Waaqayyo isaaniif raawwate afaaniin yookiin aarsaa filachuun galata itti Waaqaf galchaniidha. Faaruun kun kan namni wayita waan fedhe argatu, dhibee yookiin dhukkuba isaattii Waaqayyo yemmuu isa faluufi gaafii isaaf yemmuu deebii argatu, gaarumaa Waaqayyoo qalbeeffachuun kan ittiin isa galata dhiheessaniidha. Akkasumas, gara of afootti naaf ta'uu jedhee amantiidhaan waan Waaqarraa abdachaa jiruuf mirqaanee, keessa lubbuusaafi namummasaa irraa kan namni ittiin isa galateeffatamuudha (Far. 103: 1-2, Far. 13:6, Neh.12:27; 103:1-22, Ef. 5:19-20 Yaq. 5:13) as keessatti oolmaa Waaqaa waamanii himachuufi taateen isaanii kun ammoo galmaan akka isaaniif ga'uuf faarfun galata Waaqaaf itti dhiheessaniidha. Namni Waaqatti iyyatee fala biraa argate uumaf galata dhiheessa.

(3a) Yaa waaqa koo sin galateeffadha
Waa'ee gocha keetii hundatan dubbadha
Waan hin yaadamne seenaa koo jijjirtee
Kositii na kaastee nama na taasistee
(kitaaba faarfannaa ortodoksii Tawaahidoo lakk 2ffaa 7:60)

Faaruu kanarraa akka hubatamuu, galanni waaqayyoo sababii gochaan ta'eef, osoo hin taane haala faaruu kanaati qindoomina jechootaa faaruu keessaatti. Karaan jireenyaa nama jalaa badee, jooru (t.4) keessatti Waaqayyo gara jireenyaatti naannesse (t.4) dukkana keessaa ifatti nu fidee jechuun jireenya hamaa irraa jireenya sirri arguutti ceesiste jechuu isaa yemmuu ta'u, gaaleen " kosii" keessaa ifatti cesiste, jedhu kun immoo, karaa hamaa tokkoffaa, dalagaa seexanaati, cubbuu, biyya lafaa kanarra yeroo jiraannu, akkaatuma kiristoos biyya lafaa mo'eera jedhee fannifamuu isaatiin ilmaan namaa maraaf lubbuu isaa dabarsee laate maraammartoo seexanni hafuuraan irratti adeemsistu keessaa na oolchite kan danda'u hin jiru simalee. maaluummaa waaqaa karaa ilma isaa Yesus kiristoosiin argame mul'isa.

(3b) Eenyu Ogeessi akka kee,
Hin jiru Fakkeeny kee
Samii utubaa malee jabeessitee
Ajaa'iba maaltu sitti hir'ate
(kitaaba faarfannaa ortodoksii Tawaahidoo lakk 2ffaa 7:88)

Bifa faaruu kanaatti namoonni Waaqayyoon waa'ee isaaniif kadhatanii deebii haqaa akka irraa argatan baranii Waaqayyoon jiraachuu isaaniifi bineensonni hundi illee jiraachuu, Waaqayyo immoo, teessoo isaarra taa'ee diina ifachuu isaarraan kan ka'e umamni lafarraa martuu Waaqa garalaafessa, arjaa kanaaf galata galchuu. Akka (t.1) keessatti addeesametti "ogeessi" jechuun kan namaaf beeku jechuu yoo ta'u; "Fakkeeny" jechuun ammoo, osoo " Mul'ataa" yookiin barsiisaa namoota maraaf jechuudha. Bifuma kanaan, Waaqayyo Uumama isaa maraaf osoo wal hindabarsin, ija tokkoon akka ilaalu baruun faaruu dhiyaatedha. Gama biraatiin immoo, fayyadama afaanii faaruu kana keessa jiru yoo ilaalle jechi "ogeessa" garraamii, arjaa, dhugaa, jabaa, qulqulluu, ulfaataafi ayyaana jechoota kanneen of keessatti kan hammatuudha. Kunis akka hawaasichaatti ulfina waan tokkoof qaban kan ittiin ibsatan yemmu ta'u, kanas tajaajila addeessaa waan tookko

ibsuuf ykn addeessuuf qaban kan agarsiisan yemmuu ta'u, karaaa barnoota idileetti yoo ida'ame hubannoo haala hubannaa waan tokkoof horanne yookiin ittiin ibsachuu dandeenyu nuu guddisa. Kanaaf, fuulleffannaa isaarratti hundoofne jechoota akkasii akka barru nudandeessisa.

#### 4.3.4. Faaruu Gaa'elaa

Fuudhaafi heeruma jechuun, haala amantii kanatti dhiirri tokkoofi dubartiin tokko akka fedha Waaqayyootti otoo saal quunnamtii hin taasisin qulqullummaan turanii, waliif amanamuun, hamma guyyaa gaa'eela isaaniitti of tiksuu hiika jedhu qaba. Kiristaanotni wayita wal fuudhan waaqa guyyaa sanaan isaan gahe gammachuun galateefatanidha. Gaa'ela yookiin fuudhaafi heeruma isaanii keessatti, gara fuula duraattis hamma dhumaatti cimanii tokko ta'uudhaan rakkinafi bal'ina isaanii keessatti wal kabajuun, waliigaluun seera kiristihaaanummaa isaanii kabajanii jiraachuuf, karaa isaan ittiin isa kadhachuudhaan dhaamsa humna cimaa qabu akkasii dhamdhamataniidha. Faaruun fuudhaafi heeruma mul'isan haala armaan gadiitti xinxaalamaniiru.

| | | | |
|---|---|---|---|
| (4a) | Mana Dookimaasfaa, | Misirroon lachuu, | |
| | Akkuma eebbisee | >> | >> |
| | Isiin haa eebbisu | >> | >> |
| | Harka isaa diriirisee | >> | >> |
| | Leeyyoorraa isin oolchee isiin gammachiisee | | |
| | Qilleensa baraatiin | Misirroon lachuu | |
| | Akka hin dogoggorre | >> | >> |
| | Barsiisaa sobaatiin | >> | >> |
| | Akka hin bitintiree | >> | >> |
| | Gochaa Waaqaa keessatti ni irraanfattuuree | | |
| | Addaamis qofaasaa | Misirroon lachuu | |
| | Jiraachuun hin ta'uuf | >> | >> |
| | Waaqayyoo Gooftaan | >> | >> |
| | Jedhuutu dubbateefi | >> | >> |
| | Cinaacha isaa keessa gargaartuu uumeefi | | |

Madda (kitaaba faarfannaa ortodoksii Tawaahidoo lakk 2$^{ffaa}$ 2:213-214)

Faaruu kana keessatti, cidhi Waaqa biraa ta'e, jaalatamaa ykn eebbifamaa ta'uu isaa nu agarsiisa. Akkasumatti, mana Dookimaasitti gaa'ela akka eebbise har'as Waaqayyo isin ni eebbisa jechuu yoo ta'u, (t.2-4) kan jiru immoo, ilmaan horanii, horanii baay'atanii sanyiin isaanii akka lafa kanarra turuuf Waaqayyo eebbisuu isaa nutti agarsiisa. Akka (t.7) irratti taa'e haala amantii kanaatti gaa'illi mul'inatti, saba Waaqayyoo duratti jechuunis akka adeemsa waldaa kiristaanaa kanaatti waldafi saba Waaqayyoo duratti kan hin raawwannene akka cubbuu cimaa dalaguu yookiin sagaagaltuu lakkaa'amuuf nama birattis; Waaqa birattis hin fudhatamu. Kanaaaf, gaa'illi kan tokkummaa qabufi waliigaltee qabu, waanti kamiyyuu giduu lixee gargar baasuu kan hin dandeenye addeessa dargaggoota haftaniif gaa'illi seera waldaa malee akka hin taasifamne gorsa.

### 4.4. Ijaarsa Eenyummaa Amantootaa

Amantaan jiruufi jireenya ilma namaa keessatti iddo olaanaa qaba. Amantaan hawaasni kun hordofu, kan adeemsifamu afaaniini. Amantiifi afaaniin walitti dhiyeenya guddaa qabu. Jireenyi ilma namaa guyyaa gara guyyaatti waa'ee adda addaatiin kan guutamedha. Amantiin muuxannoowwan hawaasaa garagaraa keessatti rakkoolee jiraniif deebiiwwan adda addaa laata. Isuma kanumarraa kan ka'e amantaan kamuu hordoftoota isaa biratti beekamtiifi fuudhatama qaba. Amantiin afaanitti fayyadamuun walitti hidhata Namaafi Waaqa gidduutti argamu kan mulisuudha.Kanas,faaruu walaloo bifa gaarin qindaa'en dhiyeessun ta'a.

Ormoon akkuma hawaasa adduny kamiyyuu, seenss, aadaafi dudhaa hawaasicha ibsu qaba. Aadaafi dudhaan hawaasaa ammo haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo guutumaan kan calaqqisuusufi saba tokko saba biraarraa addatti baasee kan agarsiisuudha. Kanaaf, beektonni hedduun aadaan mallattoo saba tokkootti jechuun kan ibsan. Aadaafi dudhaan saba Oromoo sabicha uummattoota biro irraa addatti baasanii mul'isan hedduun jiraatullee isaan gurguddoon aadaa fuudhaafi heerumaa, aadaa kadhaa waaqaa, sirna bulchiinsaa, aadaa walgargaarsaa, aadaa waldhabdee hiikuu, k.k.f kaasuun ni danda'ama. Isaan kanaafi kan kana fakkatantu eenymmaa dhaloota isaa bocee baasa. Yaaduma kana Asafaa T. (2009:38) yeroo ibsu " sansakaan, fedhiin, amalliifi kaayyoon jireenya ilma namaa aadaa inni keessatti guddattuun qajeelfama, badaa ykn tola." Jechuun lafa kaa'a.

### 4.4.1. Aadaa Gaa'elaa

Fuudhaafi heeruma jechuun, haala amantii kanatti dhiirri tokkoofi dubartiin tokko akka fedha Waaqayyootti otoo saal quunnamtii hin taasisin qulqullummaan turanii, waliif amanamuun, hamma guyyaa gaa'eela isaaniitti of tiksuu hiika jedhu qaba. Kiristaanotni wayita wal fuudhan waaqa guyyaa sanaan isaan gahe gammachuun galateefatanidha. Gaa'ela yookiin fuudhaafi heeruma isaanii keessatti, gara fuula duraattis hamma dhumaatti cimanii tokko ta'uudhaan rakkinafi bal'ina isaanii keessatti wal kabajuun, waliigaluun seera kiristihaaanummaa isaanii kabajanii jiraachuuf, karaa isaan ittiin isa kadhachuudhaan dhaamsa humna cimaa qabu akkasii dhamdhamataniidha. Faaruun fuudhaafi heeruma mul'isan haala armaan gadiitti xinxaalamaniiru.

| | | |
|---|---|---|
| (4a) Mana Dookimaasfaa, | Misirroon lachuu, | |
| Akkuma eebbisee | >> | >> |
| Isiin haa eebbisu | >> | >> |
| Harka isaa diriirisee | >> | >> |
| Leeyyoorraa isin oolchee isiin gammachiisee | | |
| Qilleensa baraatiin | Misirroon lachuu | |
| Akka hin dogoggorre | >> | >> |
| Barsiisaa sobaatiin | >> | >> |
| Akka hin bitintiree | >> | >> |
| Gochaa Waaqaa keessatti ni irraanfattuuree | | |
| Addaamis qofaasaa | Misirroon lachuu | |
| Jiraachuun hin ta'uuf | >> | >> |
| Waaqayyoo Gooftaan | >> | >> |
| Jedhuutu dubbateefi | >> | >> |
| Cinaacha isaa keessa gargaartuu uumeefi | | |

Madda (kitaaba faarfannaa ortodoksii Tawaahidoo lakk 2<sup>ffaa</sup> 2:213-214)

Faaruu kana keessatti, cidhi Waaqa biraa ta'e, jaalatamaa ykn eebbifamaa ta'uu isaa nu agarsiisa. Akkasumatti, mana Dookimaasitti gaa'ela akka eebbise har'as Waaqayyo isin ni eebbisa jechuu yoo ta'u, (t.2-4) kan jiru immoo, ilmaan horanii, horanii baay'atanii sanyiin isaanii akka lafa kanarra turuuf Waaqayyo eebbisuu isaa nutti agarsiisa. Akka

(t.7) irratti taa'e haala amantii kanaatti gaa'illi mul'inatti, saba Waaqayyoo duratti jechuunis akka adeemsa waldaa kiristaanaa kanaatti waldafi saba Waaqayyoo duratti kan hin raawwannene akka cubbuu cimaa dalaguu yookiin sagaagaltuu lakkaa'amuuf nama birattis; Waaqa birattis hin fudhatamu. Kanaaaf, gaa'illi kan tokkummaa qabufi waliigaltee qabu, waanti kamiyyuu giduu lixee gargar baasuu kan hin dandeenye addeessa dargaggoota haftaniif gaa'illi seera waldaa malee akka hin taasifamne gorsa.

### 4.4.2. Aadaa Kadhaa Waaqaa

Akkuma hubatamu iddoo adda addaatti waan humna ofiitii ol ta'ee, kan akka dhukkubaa irraa fayyuu, balaa garagaraa jalaa bahuu, murtee haqa argachuu, rakkoo dhuunfaa, maatiifi biyyaa, qalbii horachuufi rakkoolee biraa jalaa miliquuf Waaqa isa mara hubatu, danda'u, iddo maratti argamu, duratti  argamuudhaan fedhii keessa ofii Waaqayyootti ittiin ibsataniidha. Bifuma kanaan amantoonni amantii kanaa Waaqa amanachuudhaan rakkinoota isaaf fala barbaaduuf faaruu kadhannaa Waaqaafi hafuura qulqulluu mul'isan baay'eetti fayyadamu. Faaruun kadhannaa ibsan wayita kamiiyyuu ni faarfamu. Fakkeenyi faaruu kanneenis haala itti aanuun ibsamaniiru.

(2a) Biyya lafaa iratti yommuun qoramu

Fayyuu dhabee yemmuun dhiphadhuu,

Fayyinni keenya sibira jira,

Maqaa keef jedhii nugargaari adaraa

(kitaaba Faarfannaa Ortodoksii Tawaahidoo lakk 2^ffaa 5:26)

Amantoonni gara waldaa yemmuu dhaqan Waaqayyo itti dhiyaatee rakkina isaan qaban irraa akka isaan faluuf iddoo tokkotti walitti dhufanii ni faarfatu, kadhannaa ni taasisu. Wayita hafuurri qulqulluu gama jireenya namootaa dhaquun karaa saaqeefii namni cubbuu dalage sun hafuurra qulqulluun akka isaaf dhiisuuf himatudha. Faarsaa kana keessatti fayyadamni jechootaa akkaata waliin deemaniin qindaa'anii jiru. Inni kunis, barnoota idilee keessattillee jechoota waliin deeman barsiisuuf ni fayyada.

# BOQONNAA SHAN:

## 5. CUNFAA, ARGANNOO FI YABOO

Xiyyeefannon boqonnaa kanaa cunfaa, argannoofi yaboo qorannichaatu meeshaa funaansa odeeffannootiin funaanametu calalamee dhiyaata. Inni kunis, dalagaa qorannichaa irratti hundaa'ufi yaadota ka'an taasiffachuun kan raawwatamu ta'a. Dabalataanis, akkaataa fayyadama Afaan Oromoo kitaaba faaruu Ortodoksii Tawaahidoo lakk 2$^{ffaa}$ keessa jiru maal akka fakkaatu tartiiba qorannichi keessa darbe cunfaa keessatti ibsama. Akkasumas argannoo qorannichaafi yaadi furmaataa wal duraa dubaan dhiyeeffamaniiru.

### 5.1. Cuunfaa

Haalli qorrannichaa boqonnaa shanitti hiramee kan dhiyaate wayita ta'u, boqonnaa tokko keessatti afaan Oromoo afaan hojiifi barnootaa erga ta'ee as dirreewwan hojii garagaraa keessatti itti fayyadamni afaanii adda addaa jiraachuu ta'ufi, iddo fayyadamnu irratti hundaa'un addadummaan afaanii akka uumamu addeesssamee jira. Kaayyoon qorannighaas kanaas, qaaccessa fayyadama Afaan Oromoo faaruu Ortodoksii Tawaahidoo lakk 2$^{ffaa}$ maal akka fakkaatu qaacceessuun waa'ee fayyadama afaanii waliin wal qabatanifi afaan amantii waliin hariiroo qaban fala kaa'uf akka adeemsiffamu ibsameera.

Boqonnaa lama keessatti yaad rimeewwan itti fayyadama afaanii waliin wal qabatan, amantiifi amantoota faarsaafi wantoota faarsaa wajiin walqabatan irratti sakkatta'i barruufi barruun aantee gaggeeffameera. Kuniis, yaadawwan maalummaa faarfannaa, faayidaa faarfannaan hidhata qaban yeroo ilaalaman, sakkatta'i barruu aantees qaccessa kana keessatti ilaalameera.

Tooftaa iddattoofi meeshaan funaansa odeeffannoo boqonnaa sadii keessatti qindaa'era. Mala qorannoo akkamtaatti gargaaramun gaggeeffameera. Sakkatta'i dookimantii "kitaaba faarfannaa Ortodoksii Tawaahidoo lakk 2$^{ffaa}$adeemsifamee jira. Akkaataan ragaan itti xinxaalame immoo boqonnaa afur keessatti dhiyaate jira. Kanumarra ka'uudhan, dhimmoonni waligalaan xixaalli irratti adeemsiffame kitaaba faaruu Ortodoksii Tawaahidoo lakk 2$^{ffaa}$ keessatti fayyadama jechootaafi malleen dubbii, dhimmoota, faaruu fayyadamuun amantoonni,Waaqa isaanii itti ibsatan kan jedhu giddu galleessa taasifachuun xixaalameerameera.

## 5.2. Argannoo

Haaluma xinxaala fi cuunfaa qabiyyee faarsaa Waaqaa kitaaba faarfannaa Ortodoksii Tawaahidoo lakk 2[ffaa] hubatamutti argannoowwan itti aanan argamaniiru.

- Faaruun bifa walaloofi yeedaloon sagalee miidhagaatiin waan dhiyaatuuf, amantaa hawaasichaa ibsuun, dhaamsi darbu gurra dhaggeeffataa keessa seenee amantiifi dudhaa uummata sanaa barsiisa. Kanaaf, faaruun achi keessatti argamaniis, haalaan qidaa'uun barbaachisaadha.
- Qabiyyeen walaloo faaruu Waaqaa, tokkumaa amantootaa ni jajjabeessa, jaalala waaqaa ni mul'isa, ulfina waaqaa laachuu, walsafeefachuu ni cimsa, jaalalaafi gaarummaa dalaguu barsiisuuf qooda guddaa qaba.
- Mana amantii Ortodokis Tawaahidoo kitaaba faaruu ortodoksii Tawaahidoo lakk 2[ffaa] keessatti faaruun dhiyaatu kunneen haala qindoomina jechootaa, jechoota haaraa gola hawaasichaa keessatti argaman hanga tokko ifa baasee agarsiisa. Dabalataaniis hawaasichi duudhaafi aadaa isaa fudhatee akka inni tarkaanfatu waan fayyadamuuf of eeggannoon itti fayyadamuun ni barbaachisaa.
- Haala faaruu walqabatee haala sirna barreeffama walalootiin yoo barreeffameyyuu dabree dabree faaruu tokko tokko keessatti walsimannaan unka kan hin jirre ta'uu isaatiin walqabatee yemmuu barreeffamu afaan dubbii osoo hin ta'in afaan barreeffamaa fayyadamuu barbaachisaadha.
- Fayyadama afaaniifi jechootaa kitaabicha keessatti argaman irra bal'inaan gara looga iddoo tokkootti kan harkifataniidha
- Fayyadamni afaanii faaruua keessatti mul'atu: jechootaafi malleen dubbii, iddeessaa, akkasaa, nameessaa, arbeessaa, fakkoommii, kkf. bareechanii, yeedaloo itti kalqanii hawaasichaaf dhiyeessuun dhaamsa darbu akka isaan hubatan ni jajjabeessa. Dabalataanis eenymmaa Waaqayyoo gadi fageenyaan ibsuuf ni tumsa.
- Haala qindaa'inaafi fayyadaama afaanii aadaafi dudhaa hawwaasichaa hordofuun, walsimsiisuun ni hafa.

## 5.3. Yaboo Qorannichaa

- ✓ Faarfuun barreeffame otoo hin dhiyaatiin dhaamsa ergaa jechoonni namootni warri qopheessan maa'ii itti bahan akka gaariitti ilaalamuu qaba. Innis, haala gaariidhaan jechoota hawaasa keessaafi waan ittiin Waaqayyoon ulfina isaa mul'isan jechoota filatamoottii kan fayyadaman ta'uu qaba.
- ✓ Faaruun hariiroofi tokkummaa namaafi Waaqa gidduu jiru dabala waan ta'eef, jechoota filatamoo cicimoon hin gargaramnu taanaan dhaamsasaa haasaa calliseetuma ta'ee fudhatamuu waan maluuf filannaa jechootaa irratti ofeeggannoo taasisuu qabna.
- ✓ Faaruun jechoota filatamoo/ciccimoo ergaa dachaa, cimaa dabarsaniin, jechootaafi fayyadama afaaniif iddoo olaanan laatamee irratti ciminaan dalagamuu qaba.
- ✓ Gama biraatiin walaloon faaruu kun haala walaloo amayyaatti waan ramadamuuf faarfattoonnifi barreessitoonni jechoota ciccimoo fayyadamuun dagaagiina afaanichaatiif gahee guddaa taphachuu qabu.
- ✓ Faarulee wayita ammaa kana dalagamaa jiran kunneen maalummaa Waaqayyoo calaqisiisuun hawaasicha biratti jaalatamaafi hiree walta'uumsaa argatan akka jiran ni amanama. Kanaaf, isa durii kana akkuma jirutti olkaawwannaa; kunneen haaraa kana itti dabaluun yookiin akka kitaabaan kallattii inni bu'a kennuu danda'uun, walitti makanii dhaloota itti aanuuf kaa'uudhaan, kabaja Waaqaa ittiin mul'isuun ni barbaachisa.
- ✓ Gara fuula duraatti kan naannoolee biroollee itti dabaluun kallattii inni cimina afaanichaa agarsiisuu danda'uun otoo walitti qindaa'ee bayeessa ta'a.
- ✓ Fayyadama afaaniifi jechootaa kitaabicha keessatti mul'atn yoo hedduminaan gara looga iddoo tokkotti waan hirkatuuf looga naannolee kannen biroo itti makuun barbaachisaadha.
- ✓ Waaltina Afaaniif fuulduratti kan naannolee biroollee itti ida'uun kallattii inni dagaagina afaanichaa cimsuu danda'uun otoo walitti dabalamee mijataa ta'a.
- ✓ Adeemsaafi dudhaa hawaasaa akka gaariitti hubachuun faaruun yoo kan qophaa'u ta'e nifilatama

## *Wabiile*


Addunyaa Barkeessaa. (2014). *Seemmoo.Finfinnee: Far East Trading Plc*.

Asafaa Tafarraa.(2004).*Theorizing th epresent to wards a sociology of oromo literature*:Jaarsoo poetry. Finfinnee: Branna Interprise.

Ayub Ismael.(2008). *Language Use of the Jamaican and Rasteferian Community in Shshamane*.A Socio linguistic study thesis.Addis Abeba.

Bartels, L. (1983). *Oromo Religion.Myths and Rites of the Western of Ethiopia. Berlin. Chambers Encyclopedia*, 1967.New Revised Edition. Vol. vi. London.

Berhanu Mathewos.(1999).*Fundamentals of Literature*.3rd Edition Addis Abeba.Addis AbebaUnivarsity Press.

Brumfit C.J, Carter.R.A.(1996).*Literature in Language Teaching*. London: Oxford.Clark, H. (1996).Using Language. Cambridge: Cambridge University Press.

Charles Simeon Trust, (2001) *Worship Host Manual Simeontruct.org* Chicago, ICL.

Clark, H.(1996).*Using Language*.Cambridge:Cambridge University Press.

Cooper, R. (1976). *The Study of Language* Use.In M.L. Bender, J.D. Brown, R. L.Cooper,and C.A.Ferguson (eds.), Language in Ethiopia.London: Oxfird University Press.

Coulmas, F.(1997).*The Handbook of Sociolinguistics*. UK: Blackwell Publishers.

Dirribaa Ayyalee.(2016).*Faarfannaafi Tajaajila Faarfannaa*.Finfinnee.

Dirribii D. (2012:15). *Ilaalcha Oromoo Barruu Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo*: Finfinnee

Dorson, Richar.(1972*).“Introduction: Concepts of Folklore and Folklife Studies*”In Folklore and Folklije, An Introduction, ed. Richard M Dorson, pp.1- 50. Chicago: University of Chicago Press.

EECMY, (1995).*Minutes of the 93rd Meetings of the Executive Committee* , Addis Abeba, January 20, 23, 1995.Un published.

Erwin W. Lutzer,(1994) *Christ Among other Gods* Chicago moody, press,

Fedhasaa Taaddasaa.(2013*). Bu‟uuraalee Ogbarruu Oromoo* Subi Printing Press: Finfinnee.

Fekade Azeze.(1991). *Introduction to oral Litereture* Artistic Printing Enterprise. Feyisa Demie.(1996). *Historical Challenges in the Development of Oromo Language and some Agenda for future Research*. Journal of Oromo Studies 3(1&2):18-27

Finnegan.R.(1976).*Oral Poetry* :*It is Nature, Significance and Social context*.Cambridge: Cambridge University Press.

Geetaachoo Rabbirra.(2011).*Furtuu Seerluga Afaan Oromoo* k4taa 9fi10 Gulaallii 3ffaa max.8ffaa Addis Abebaa kuaaz International Interprize.

Goldman-Rakic, P. S. (1998). *The Prefrontal landscape: implications of functional architecture for understanding human mentation and the centeral executive*, In A.C, Roberts, W.T. Robbins et al, (Eds), The Perfrontal cortex: Executive and (pp.87-102). New York: Oxford University Press.

Hamid Muddee, (1996). *Oromoo Dictionary*, Atlanta, Atlanta Univarsity press.

Imaanaa Bayyanaa.(2007*).”Qaaccessa Qabiyyee Faaruu Amantii Dudhaa Oromoo* Naannoo Shawwaarratti Xiyyeeffate”. (Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa). Finfinnee: Yunivarsiirii Addis Ababaa. ( kan hin maxxanfamne) AAU.

Irreessoo Nagii.(2006).EERTUU *Caasseffama AfaanOromoo kutaa 9fi10* Dhaabbata Maxxansiisaa Kuraaz Internaashinaalii Finfinnee.

Kebede Bekere.(2016).*Galmee Jechoota Macaafa Qulqulluu Aafaan Oromootiin.* Max.2ffaaOromo Bible Dictionary.Rohobot printers.

Kennedy, x. J. (1987).*Leterature Introduction to Fiction, poetry and Derama* 4th (ed United State of America

Kitaaba Qulqulluu (1997). *Afaan Oromoo Hiika Haaraa.Max1ffaa*. Waggaa Araaraa bara 1997. Addis Ababaa. Waldaa Macaafa Qulqulluu Itoophiyaa.

Labov, William and Joshua Waletsky.1967.*“Narrative Analysis: Oral Versions of Personal Experience”* in Essays on the Verbal and Visual Arts, ed. June Helm, pp. 124. Seattle: University of Washington Press.

Liulseged Erikum. (1994) *Language Use in Resettlement Sites. The Case of Angerguttin*, Dimtu, Ilu Aba Bora and Gambela. In Bahiru Zewude etal (eds.) Preceding of the Eleventh International Conference of Ethiopian Studies. Addis Ababa: Institute of Ethiopian Studies.

Lyons, John. (1995). Linguistics and semantics.Cambridge University Press: Stanford A Scheme.

Macaafa Faarfannaa. (1998), *Galata Waaqayyoo maxxansa 5ffaa* Bole Printing Interprise.

Macaafa Faarfannaa.(1994-1996). A.L.A. *Galata Waaqayyoo.Koree Sinoodoosota Afuran*: Sagantaa Qindii Barnoota-bu‟uuraa faayida-qabeessaan qixaa‟ee maxxansame.

McHenry, Robert. (1993). *The New Encyclopaediya Britannica*. (Vol.8) Encyclopaediya Britannica Inc. Chicago, USA.

Marilyn Adamson.(2015).*The major World religoions &their beliefs about God*.htt:www.everystudent.com.

Misgaanuu G (2011). *Dilbii Bu'uura Afoola Oromoo:* Finfinnee

Okpewho, J.(1992).*Afrika Oral Literature.* Bloomington and Indianapolis: India Univarsity.

Palmer. R.F. (1981).Semantics.Cambridge Univarsity Press (2ed ed.).Stanford A. Scheme.

Qesis Balaay (2007). *Kiristiyaanummaafi Oromoo Dur irraa Hanga Ammaatti*. Mana Amantaa kiristaanummaa Ortoodooks Tawaahidoo Itoophiaa. Finfinnee.

Shaw, H. (1972). *Dictionary of Literary Terms*. New York: MCGRAW HILL BOOK,INC.

Tafarii Gabayyoo. (2011).*Qaaccessa Ergaa Faaruu jila Qaalluu Naannoo Baakkoo Tibbee.(Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa). Finfinnee:Yunivarsiirii Addis Ababaa.(kan hin maxxanfamne) A A U.*

Temesgen Negasa.(2015).*The infiuence of Evangelical christanity on the development of the Oromoo Language in Ethiopia*.*Univarsity of South Africa.Thesis.*

Tilahun Gemta 1986.*Oromo-English Dictionary*: Problems of Indicating Pronunciation Using the Amharic Syllabary.*Proceedings of the Ninth International Congress of Ethiopian Studies Vol. 5. Moscow.*

Ulrich, Homer. (1983).*Encyclopaedia Americana (vol.19).Grolier Inc.Danbury,USA. Vexen, Crabtree, (2016).http://www.human reliogions info./what is religion.htm/parent page: Human Religions.*

Warquu Gaaddisaa.(1993).*Wiirtuu Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*. *(jil.6). Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromoyaa.Mana MaxansaLiberaal.*

Wolff, E. (2000). *"Language and Society". In Heine, B. and Nurse, D. (eds.) African Languages: An Introduction. Cambridge University Press.*

*ዘሪሁን አስፋው::(2000)::የሥነፅሁፍ መሰረታዊያን:አዲስአበባ፡ ዩኒበርሲቲ፡ የኢትዮጵያ ቋንቋዎ ችና ሥነፅሁፍ ክፍል፤*

# Dabalewwan

**Dabalee A**

Qabiyyee Faaruu
Faaruu Ulfinaa
(1a)
Bakka inni dhaabbate kan dhaabbatu eenyuudha
Gargaarsa hin barbaadu qofaa isaa dhaabbata
Waan hundaa moo'ee hunduu isaan gadii
Waaqa akkasii qabdaa lubbuu koo gammadii
(1b)
Hundumaa danda'aadha waaqayyo jabaadha,
Kabajaa guddaadhaan fuulasaa dhaabbadhaa,
(1c)
Simalee kan nagargaaru eenyu
Bakka haadhaa fi abbaa koo sumaan waammadha,
Yaa gooftaa koo yaa uummaa koo suman abdadhaa.

(1d)
Uumanni lafarraa faarfadhaa ilil jedhaa,
Maqaa abbaa fi ilmaa afura quliqulluu.
Galanni ni ta'aaf eenyuma durattuu
Adunyaa hundasaa Goofta isa uumeef
Ganamaaf galgala galanni haa ta'uuf
Faaruu Kadhataa
(2a)
Biyya lafaa iratti yommuun qoramu
Fayyuu dhabee yemmuun dhiphadhuu,
Fayyinni keenya sibira jira,
Maqaa keef jedhii nugargaari adaraa
(2b)
Eegaa yaa Gooftaa sitti of laanneeraa,
Ati nuu olii ceephoo diinaarraa
Fooniin qoramnee kufnee jiraatii
Maqaa keef jedhi nu gargaar ati
(2c)
Nuttaraarami yaa Gooftaa gooftaa
Waaqa quliqullootaa
Cubbamaa Yoo taanees ati nu jaallataa (2x)

(2d)
Maaloo yaa waaqayyo ati nu hingatiinii (2x)
Qulqullootaaf jedhii garaa hin jabaatiinii (2x)
Qoricha hin qabnu si malee yaa Gooftaa (2x)
Kan namni dadhabee ati ni fayyisaa (2x)

(2e)
Cubbamootaaf jettee dhuftee
Nafayisuuf jettee rakkinaan dhalattee
Jaalala naaf qabdu fannooratti mul'istee
Warra yuhudoota guddaa qaanesitee
Warri diina kootii natty girrisanii
Adeemsa hojii koo nawallaalchisanii
Baay'ee sodaadheera karaan deemu irra
Lubbuu baduuf jedhunagargaar adaraa
Faaruu Galataa
(3a)
Yaa waaqa koo sin galateeffadha
Waa'ee gocha keetii hundatan dubbadha
Waan hin yaadamne seenaa koo jijjirtee
Kositii na kaastee nama na taasistee
(3b)
Eenyu Ogeessi akka kee,
Hin jiru Fakkeeny kee
Samii utubaa malee jabeessitee
Ajaa'iba maaltu sitti hir'ate
Faaruu Gaa'elaa
(4a)
Mana Dookimaas faa,       Misirroon lachuu,
Akkuma eebbisee       >>       >>
Isiin haa eebbisu       >>       >>
Harka isaa diriirisee       >>       >>
Leeyyoorraa isin oolchee isiin gammachiisee
Qilleensa baraatiin       Misirroon lachuu
Akka hin dogoggorre       >>       >>
Barsiisaa sobaatiin       >>       >>
Akka hin bitintiree       >>       >>
Gochaa Waaqaa keessatti ni irraanfattuuree
Addaamis qofaasaa       Misirroon lachuu
Jiraachuun hin ta'uuf       >>       >>
Waaqayyoo Gooftaan       >>       >>
Jedhuutu dubbateefi       >>       >>

**Dabalee B**

Fayyadama Jechootaafi Malleen Dubbii Faaruu

A.I.1

Sabasagal dhaqan hunduu sagadan,
Mootich Isiraa'eel waan dhalateef
Harka fuudhii laatan akka seeraatti
Ixaana lubummasaaf Warqee mootumaasaaf
Karbeen fannoosaaf
Daa'imman haa deemnu godoo dhalatetti
Waan jijjiirameef bishaan aannanitti
Uuman hunda keenya beetilihemii
Bulee akka keessummootaa
Namoonni haa barani waa'ee dhalachusaa nama ta'uu gooftaa

(N.1)

Balaqee aduuf urjiilee kan ajajamaniif
Bakkakkaan samiirraa kan faarfataniif
Ilmaan addaam hunduu sadan haafarfannuuf qulqulluu (2x)

(N.2)

Bineensonni bakkee sigalteeffatu
Uumamni harka kee
Yoo madeesseyyuu inni ni fayyisaa
Wallaanuu beeka qoricha harka isaa
Waan hundaa keessa si baasa inni
Tasa sinmiidhu wanti hamaanii

(A.1)

Yoo madeesseyyuu inni ni fayyisaa
Wallaanuu beeka qoricha harka isaa
Waan hundaa keessa si baasa inni
Tasa sinmiidhu wanti hamaanii

(F.1.)

Hintaane hundumtuu fedhii goftaa duuba
Hubannee yoo ilaalle lafaa fi samii gubbaa
Fedhuma isaatiin hunduu raawwatama
Ta'iidhuma Gooftaan hundumtuu uumama

(F.2.)

Caba koos fayyee nan dandamadhaa
Miila koo lamaan kunoo dhaabbadhee
Jechoota haaraan siin faarfadha
Gooftaa koo ati hangafa nagaadha
Gonfoo ulfaatinaa bareedina koo
Waaqa ma waamta miidhagsi dhuma koo

# Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan/ttuun maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame, qorannoon hojii koo ta’uu isaafi kanaan duras Yuunivarsiitii kam iyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaatn ta’usaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta’een fudhadhee; wabii keessatti kaa’uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa ___________________________________

Mallattoo ___________________________

Guyyaa ___________________________